

“Qabeenya albuudaa Itoophiyaan qabdu misoomsinee biyya fooyyofte dhaloota dhufuuf dabarsuu qabna”

- *Ministira Muummee Abiyyi Ahmad (PhD)*



Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan qabeenya albuudaatiin biyya badhaateedha, qabeenya kana misoomsinee dhaloota dhufuuf biyya feeyyofte dabarsuu qabna jedhan ministira muummee Doktor Abiyyi Ahmad. Guddina dinagdee yaadame milkeessuuf sirni ta’annoofi hordoffii cimaa diriirsuun dirqama ta’uus eeran.

Doktar Abiyyi kaleessa wayita eksipoo albuudaafi teknolajii guyyoota shaniif turu galma Barkumeetti banan akka jedhanitti, eksipoon albuudaafi teknolajii qabeenya albuudaa Itoophiyaa agarsiisuun investimantii damee kanaan jiru nidadammaqsa.

Gama biraatiin guddina dinagdee bara 2016 yaadame milkeessuuf sirni ta’annoofi hordoffii jabaan kan diriiru ta’uu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad hubachiisan.

Doktar Abiyyi kana kan hubachiisan gamaggama raawwii hojii ji’oota sadan

Gara fuula 14tti



“Tattaaffiin nageenya waareessuuf taasifame salphaatti kan ilaalamu waan hintaaneef ammas ittifufuu qaba”

- *Hayyoota*

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Tibbana mariin nageenyaa marsaa 2ffaa mootummaa Itoophiyaafi Shanee waliin Taanzaaniyaatti taa’amaa ture firii malee goolabamuunsaa rifaatuu guddaa uumeera. Mariin kun gaaga’ama roga maraa biyyattii mudataa jiruuf furmaata ta’a jedhamee abdatamus xumurrisaa hawaasa hedduuf gadda guddaa ta’eera.

Dhimmuma nageenyaa kanaa ilaalchisee Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa Hayyoota siyaasaa buleeyyii Obbo Toleeraa Adabaafi Pirofeesar Bayyanaa Pheexiroos waliin Kamisa darbe turtii taasisa.

Dubbii Himaan ABO Obbo Toleeraa Adabaa

Gara fuula 14tti



Obbo Toleeraa Adabaa



Pirofeesar Bayyanaa Pheexiroos

“Balbala galaanaa qabaachuun Itoophiyaa birmadummaa Afrikaanotaaf wabiidha”

- *Obbo Muusaa Sheekoo*

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaan ulaa galaanaa qabaachuun guddina dinagdee waloo biyyoota gaanfa Afrikaarra darbee birmadummaa Afrikaanotaatiif wabii ta’uu qorataafi xiinxalaan siyaasa Giddugala Bahaafi Gaanfa Afrikaa Obbo Muusaa Sheekoo ibsan.

Obbo Muusaan Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, balbala galaanaa qabaachuun Itoophiyaa guddina

Gara fuula 14tti

“Waraana adeemsifamaa jiru dabalatee sirna saamichaa diriireen biyyi gatii kaffalaa jirti”

- *Ambaasaaddar Sulemaan Daddafoo*

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Waraana kutaa biyyattii garaagaraatti adeemsifameefi adeemsifamaa jiru dabalatee, rakkooleen biyyattii hudhan

hundi madda sirna hannaafi saamichaa jabaa diriiree ture ta’uu Raawwachiisaan Dhaabbata Itiyoo-Injinariingii Giriuppaa Itoophiyaa Ambaasaaddar Sulemaan Daddafoo ibsan.

Ambaasaaddar Sulemaan Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Dhaabbata Itiyoo-Injinariingii Giriuppaa kan bara ADWUI “METEC” jedhamaa ture keessaa anga’ootni yeroosii

Gara fuula 14tti



ODUU

Lafa hektaara miliyoona 5.9 irraa omishni sassaabame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Sassaabbii omishaa sadarkaa biyyaatti gaggeeffamaa jiruun lafa hektaara miliyoona 17.5 sanyiin uwwifame keessaa hanga ammaatti omishni lafa hektaara miliyoona 5.9rra sassaabamuu Ministeerri Qonnaa ibse.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Sabqunnamtiifi Kominikeeshinii Obbo Kabbadaa Laaqawu ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, bara omishaa 2015/2016tti lafa sanyiin uwwifame hektaara miliyoona 17.5 keessaa hanga Sadaasa 10tti omishni lafa hektaara 5.9rra jiru sassaabameera. Xumura bara omishaa kanatti callaa kuntaala miliyoona 513tu eegama.

Akka ibsasaaniitti, omishni qonna bara 2015/2016 qonnaan bulaa, hoggansaafi qaamolee dhimmichi ilaallatu sadarkaa boqonnaa qophiirraa eegaluun walitti fufinsaan hojjetamaa jira. Yeroo ammaas sadarkaa sassaabbiirra ga'ameera. Mala aadaatiin heektaara miliyoona 5.6, kombaayinaraan hektaara miliyoona 262 irraa sassaabameera.



Omisha hanga ammaatti sassaabamerraa midhaan kuntaalli miliyoona 46.8 argamuu ibsani, hojiin omisha calleessuufi haala qilleensaa hordofuun sassaabbiin omishaa haaluma walfakkaatuun cimee ittifufuu beeksaniiru.

Roobni waqtiisaa hineeggatiin omisha sassaabuuf danqaa uumaa jira kan jedha Obbo Kabbadaan; odeeffannoo raaga haala

qilleensaa Inistiitiyuutii Meetiworoloji Itoophiyaarraa kennamu qonnaan bultoota dhaqqabaa jira. Qisaasama omishaa yeroo sassaabbii dhaqqabuu malu hambisuufis qaamoleen hawaasaa akkasumas barattoota waliin ta'uun omishni si'aayinaan sassaabamuu akka qabu dhaamaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Arsi Obbo Gannaa Mahaammad

gamasaaniin, godinichatti sassaabbiin omishaa gaggeeffamaa jiraachuu ibsaniiru.

Godinichatti bara omishaa 2015/2016tti lafa hektaara kuma torba, 666fi 40 sanyiidhaan uwwisuun danda'amu himanii; yeroo ammaa omishni hektaara kuma 300 sassaabbiif ga'eera jedhan. Hanga ammaatti lafa hektaara 240rra midhaan sassaabamuu ibsaniiru.

Omishni mala aadaafi kombaayinaraan sassaabbamaa jirachuus himanii; kombaayinaroonni 173 hojii omisha sassaabuurratti bobba'aniiru. Omishni rooba yeroosaa hineegneen akka hinmiidhamneef qonnaan bulaan guyyaa roobni hinjirre hatattamaan omishasaa akka sassaabbatu waamicha dhiyeessaniiru.

Sassaabbii midhaanii milkeessuuf humni raawwachiisaa abbootii qabeenyaafi caasaalee gandaa hundeeffamuun marii bal'aan gaggeeffamuun hojiitti seename kan jedhan Obbo Gannaa; qisaasama omishaa yeroo sassaabbii mudatu hir'isuuf duula barattootaan deeggaramuu akka qabu hubachiisaniiru. Sassaabbiin omisha godinichaa roobaan duubatti harkifatus dhibbantaa 30 irra akka ga'u ibsaniiru.

Oromiyaan hidha Laga Abbayyaatiif qarshii biliyoona 1.2 ol sassaabuufi

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Oromiyaan gutiinsa bishaanii marsaa 4ffaa Hidha Laga Abbayyaaf barana qarshii biliyoona 1.2 ol sassaabuuf karoorfachuu Manni Maree Qindeessa Hirmaannaa Ummataa Damee Oromiyaa ibse.

Manni Marichaa Kamisa darbe mataduree "Waadaa keenya ni haareessina" jedhuun waltajjiin sosochii galii sassaabuu adeemsiseera. Sosochichaan guutiinsa bishaanii marsaa 4ffaa kun Onkoloolessa 1 bara 2016 irraa kaasee hanga Sadaasaa 30 bara 2016tti akka turu himameera.

Pirezidaantii ittaanaafi walittiqabaan mana marichaa Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii waltajjii marichaarratti haasawaa taasisaniin, hirmaannaan ummataa ijaarsa Hidha Laga Abbayyaa milkeessuuf shoora olaanaa taphateera. Hirmaannaa ummataa hoggansa bilchina qabuun gaggeeffammuun naannichatti hojiin nageenyaafi misoomaa mirkaneessaa jira.

Keessumaa ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa adda citee ture sadarkaa amma jirurra akka ga'u taasisseera jedhani; hirmaannaa ummata naannichaan ijaarsa Hidha kanaaf qarshii biliyoona 1.8 (dhibbantaa 184) gumaachuu yaadachiisaniiru.

Bu'aa Hidhichi guddina biyyaaf qabu hubachuun keessaafi alaan duula dippilomaasiifi miidiyaa cimaa taasifameen hirmaannaa olaanaa ummata Hidhicha sadarkaa amma jirurraan ga'uu eeranii; xumura Hidha kanaaf akkuma duraa qaamni hawaasaa hundi tumsa barbaachisu akka godhuuf waamicha dhiyeessaniiru.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti



Suran Gabaaboo Gabireetiin

Qindeessaan Kilaasatera Hawaasummaa Oromiyaa Obbo Abdulaakiim Muluu gamasaaniin, ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa mirga qabeenya keenyatti fayyadamuu kan mirkaneesseeff siidaa sabaafi sablammootaafi Ummattoota biyyattii ta'uu caqasani; ummatni naannichaa hirmaannaa taasisen hidhichi sadarkaa amma jirurra ga'eera. Ammas gara fuulduraatti hirmaannaa ummata naannichaa muuxannoo horatamerraa giddugaleeffachuun akka ittifufu dhaamaniiru.

Waajjira Pirojektii Qindeessaa Hirmaanna Ummataa Hidha Abbayyaa Damee Oromiyaatti ogeessi miidiyaafi kominikeeshinii Obbo Taammiruu Tolaa gabaasa raawwii hirmaannaa ummata naannichaa kan bara 2015 dhiyeessaniin, boondiin qarshii biliyoona 1.5, kennaan qarshii miliyoona 93.2, karaa ergaa gabaabaa 8100 qarshii miliyoona 167 hirmaannaa ummata sassabbamuu yaadachiisaniiru.

Waajjirichatti Dursaan Garee Karooraa Obbo Taammiruu Garramuu karoora sassaabbiin galii Hidha Abbayyaa bara 2016 godinaalee, magaalotaa, biirolee, dhaabbilee misoomaafi barnoota olaanaa, abbootii qabeenya maricharratti argamaniif

Abbootiin warraa Harargee Bahaa hundi miseensa inshuraansii fayyaa ta'an

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Godina Harargee Bahaatti abbootiin warraa hundi miseensa inshuraansii fayyaa ta'uu Waajjirri Fayyaa godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Mahaammadiin Kaabirhuseen ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, godinichatti bara 2003tti wayita sochiin inshuraansii fayyaa eegalamu abbootii warraa dhibbantaa sadii qofatu miseensa ture.

Baay'inni miseensota inshuraansii fayyaa baraa baraatti dabalaa dhufuu himanii; haaluma kanaan bara 2013 abbootii warraa dhibbantaa 78, bara 2014 abbootiin warraa dhibbantaa 85 ta'an yommuu miseensa ta'an bara 2015tti garuu abbootiin warraa godinichaa hundi jechuunis abbootiin kuma 686 fi dhibba 120ni miseensa inshuraansii fayyaa ta'uu ibsaniiru.

Abbootii warraa godinicha keessa jiraatan guutummaatti miseensa inshuraansii fayyaa taasisuun milkaa'ina guddaadha kan jedhan Obbo Mahaammadiin; milkaa'ina kanaan godinichi guutuu Itoophiyaa jiran keessaa tokkoffaa ba'uun beekantii argachuu dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, namni miseensa inshuraansii fayyaa ta'e tokko waggaa waggaadhaan buusii miseensummaa qarshii 450 kaffala. Namootni qarshii kana kaffaluu hindandeenyeef ammoo

mootummaatu kaffala. Haaluma kanaan namoota godinichaa harkaqaal'eeyyii ta'an kuma 69f mootummaan kaffalaafi jira. Bara darbe miseensotarraa buusii qarshii miliyoona 245 walitti qabuun danda'ameera.

Miseensa inshuraansii fayyaa ta'uun miseensotaaf faayidaa guddaa qaba kan jedhan Obbo Mahaammadiin; keessattuu yeroo ammaa gatiin yaala fayyaa daran dabalee waan jiruuf karaa inshuraansii fayyaa yaalamuun filannoo dansaa ta'uu himaniiru. Miseensa horachuu qofti galma keenyaa miti jedhani, namootni miseensa ta'an yaaliifi qoricha argachuu qabu waan ta'eef dukkaana qorichaa hawaasa tajaajilu babal'isuufis xiyyeeffannoon hojjetamaa jira jedhaniiru. Baay'inni dukkaana qorichaa hawaasa bara 2014tti 16 ture ammaan tana gara 32tti guddachuus yaadachiisaniiru.

Haaluma walfakkaatuun namoota kanaan dura miseensa maatiisaanii jalatti hammatamanii tajaajila inshuraansii fayyaa argachaa turanii bara kana bultii horatan akka haaraatti galmeessuun fayyadamoo ishuraansii fayyaa taasisuuf hojjetamaa jira. Abbootii warraa kanaan dura miseensa ta'aniifis hojiin haaromsa miseensummaa ni hojjetama.

Waajjirichi bara 2016tti miseensotasaarraa qarshii miliyoona 280 walitti qabuun dhaabbilee mootummaa tajaajila yaala fayyaa miseensotaaf kennaniif kurmaana kurmaanaan kaffaluuf kan karoofate akka ta'es Obbo Mahaammadiin ibsaniiru.

Ijoo Dubbii

Harka nageenyaaf diriire dhiibuun dararaa ummataa caalaatti hammeessuudha

“Wadaree Haadha Liiban Daldaltuu jabduufi haadha harkaqaal’eeyyiiti. Nama siyaasa hordoftus miti. Yakka tokko malee Shaneen guyyaa saafaadhaan ija ummataa duratti gara jabinaan ijjeefte. Du’a suukanneessaa gara nama nyaatu!”

Gujiitti namni miscensa garee kanaa tureefi waamicha mootummaa fudhatee harka kennatan tokko: “Gochi Shaneedhaan raawwatame kan tasumaa ta’uu himmalleedha. Ummanni Oromoo yeroos nu jalaa dacha’e. Nu jalaa dacha’ee, midhaan bishaan nurraa dhaabbate.

“Ummanni Oromoo garagalee nu balaaleffate. Nutis kana nijjibbine. Duuti Oromoodhaan Oromooratti raawwatamu akka faayidaa hinqabne hubannee, meeshaa keenya lafa keenyee waamicha mootummaarratti hundoofnee itti amannee galle”.

“Indaalkachoo Cimdii jedhama, Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Dirree Incinniitti konkolaachisaa ambulaansii ture. Gaa’ela godhatee ijoollee lama qaba. Nama namni hundi jaalatuufi innis haqaan nama tajaajilu. Nama harmee ulfa du’aafi jireenya gidduu jirtuuf furmaata ta’aa tureefi halkanii guyyaa tajaajila ture. Shaneen bosona Dabballee jedhamu keessatti haala ciggaasisaadhaan ajjeefte.”

“Kabbadaa Nagaraa jedhama. Jiraataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaati. Obbo Kabbadaan abbaa ijoollee jahaati. Siyaasa kamuu keessaa kan hinjirreefi qonnaan bulaa ture. Gareen tun manaa gadi baastee mormaa irraa kuttee deemte.”

Egaa gochoonni sukkanneessoon irrannatti kaasne gocha garee maqaa ummataatiin hidhatee bosona jiruufi miidiyaan adda addaa gabaasaa turan keessaa qicamee kan fudhatameedha. Keessumaa waggoota shanan darbanitti ummanni Oromoo darbees saboonni kaan addumatti ammoo Oromiyaa lixaafi kibbaatti bahee galuu, omishatee calleeffachuu dadhabe gidiraafi hiraarsa hamaa keessa tureera.

Rakkoo kana gadifageenyaan kan hubate Mootummaan Itoophiyaa akka waliigalaatti walddhabdeewwan akka biyyaatti jiran addatti ammoo rakkoo nageenya Naannoo Oromiyaa bakkeewwan tokko tokkotti mul’atu karaa nagaan furuuf yaalii guddaa taasisaa tureera.

Yaaliin kunis kutannoo mootummaan dirree dimokraasii bal’isuufi rakkoo jiru mariifi karaa nagaan furuuf qaburraa kan ka’eedha. Mootummaan kutannoo nageenyaaf qaburratti hundaa’uun yeroowwan garagaraatti waamicha taasisuu bira darbee qabatamaan hojiitti akka hiikamuuf daandii walakkaa ol deemuun tattaaffii cimaa taasisaa tureera.

Haata’u malee, mariin araaraa Shaneen waliin marsaa lammaffaaf Taanzaaniyaa Daaresalaamitti taasisamaa ture waliigaltee malee xumurameera. Mootummaan rakkoo nageenya Naannoo Oromiyaa bakkeewwan tokko tokko jiru mariidhaan xumura akka argatuufi miidhaan ummataafi qabeenyarra ga’u akka dhaabatuuf bakka qaamni sadaffaan argametti carraaqii guddaa taasisuu mariin ummata bal’aadhaan abdi guddaadhaan eegamaa ture kun milkaa’uu hindandeenye.

Kunis, qaamni shororkeessaan Shaneen jedhamuufi humnaan aangoo mootummaa qabachuuf socho’aa jiru kutannoon araaraaf qabuufi haaldureen mariif qabatee dhiyaate heera biyya keenyaa, birmadummaafi sadarkaa biyyi keenya irra geesse bu’uura kan hingodhanneefi qabatamaan hojiirra ooluu kan hindandeenye ta’uun hubatameera.

Mootummaan Itoophiyaa milkaa’uu dhabuu marii araaraa marsaa kanaatiin kan gaddu ta’us qaamolee maricha qindeessan, tumsaniifi haala mijeessan guddisee galateeffateera.

Harkisaa nageenyaaf diriire yoomiyyuu kan hindachaane ta’uus irra deebiin kan ibse mootummaan, kutaalee biyyattii bakka hundattuu olaantummaa seeraafi birmadummaa biyyaa kabachiisuu akkasumas nageenya ummataa mirkaneessuu yeroo kamuurra ummatuma waliin qindaa’ee kan ittifufu ta’uu cimsee eereera.

Harka mootummaa nageenyaaf diriire kana dhiibuufi adeemsa araaraa ummanni abdi guddaadhaan eegaa ture fashaleessuun ammoo gidiraa ummataa caalaatti hammeessuu ta’uun dhimma sirnaan hubatamuu qabuudha.

Yaada

“Mariin Nageenya Marsaa 2ffaaf Shaneen waliin geggeeffamaa ture bu’aa malee xumurame”

- Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa

Nageenyiifi tasgabbiin bu’uura guddinaafi badhaadhina biyya tokkooti. Garagarummaa karaa safuufi qaroomina qabuun mariin hiikuu osoo hinguddifatin nagaafi gamtaan guddachuu danda’uun hinjiraatu.

Mootummaan federaalaa amantaa kana bu’uura godhachuun, dirree siyaasaa bal’isuun paartiilee siyaasaa sagantaa siyaasaasaa hinqoodne waliin aangoo qooddateera.

Haaluma kanaan sirna filannoofi hojmaata bulchiinsa biyyaa kan osoo hinajjeesiin gaggeeffamu, akkasumas mariifi qajeelfama kennuufi fudhachuun namoota heera cabsuun aangoo qabachuuf yaalan waliin naga babal’isuuf tattaaffii taasisaa tureera; taasisaas jira.

Gama mootummaatiin humna heeraafi birmadummaa biyyattii fudhachuuf qophii ta’e wajjin mariidhaan rakkoolee mudatan furuuf carraaqiin ni taasisama.

Naannoo Oromiyaa naannawwan tokko tokkotti socho’uun lubbuufi qabeenya namootaarratti miidhaa qaqqabsiisuun balaa nageenya kan ta’egaree shororkeessaa Shaneen waliin ji’oota hedduu dura Taanzaaniyaa Zaanziibaaritti mariin gaggeeffamaa ture waliigaltee malee xumuramuun niyaadatama.

Marii kanaan qaamni shororkeessaa kun gaaffiilee waggoota 60 duraa Oromoofi sablammoonni Itoophiyaa biroo kaasaa turaniifi deebii argate hunda deebi’ee kaaseera.

Keessattuu jijjiirama booda, dhimmoota hojiirra oolan osoo hindubbisiin ajandaa ilaalamee hojiirra ooluu danda’u baasee dhufuu waan hindandeenyef, gama mootummaatiin beellamaan akka turu taasisaera.

Torban lamaan darban keessa gareen shororkeessummaa kun dogoggora darbanirraa barachuun qabxiilee mariisaa sadarkaa biyyattiin irra geesse waliin



የፌዴራላዊ የመንግሥት ኮሙኒኬሽን አገልግሎት
FDRE Government Communication Service

walsimsiisuu yaala jechuun marii marsaa lammaffaa Daaresalaam Taanzaaniyaatti gaggeeffamaa tureera.

Marsaa kana keessatti gareen shororkeessummaa kun yaada “Mootummaan nabaatee mootummaa na haa taasisu” jechuun ala qabxii marii fiduu hindandeenye.

Haa ta’u malee, fedhii mootummaan biyyattii naga fiduufi badhaadhina Itoophiyaa gara qabeenya dhugaatti jijjiiruun badhaadhinashen mirkaneessuuf qaburraa kan ka’e karaa walakkaa ol imaluun dhimmicha hiikuu yaaleera.

Garuu gareen shororkeessummaa kun yeroo naga akkamitti akka jiraatu adda baasuuf rakkateera.

Dhiigaafi dararaa lammiitiin daldaluu filate. Kanaaf marichi har’a bu’aa tokko malee bittinnaa’eera.

Mootummaan federaalaa ergama seeraafi sirna heera kabachiisuuf qabu cimsee ittifufa, furmaata karaa naga argachuuf ejjennoo qabu ni cega.

Carraa kanaan qaamoleen maricha milkeessuuf tattaaffii taasisaa turtan hundi galata guddaa qabdu.

Sadaasa 11 bara 2016

Finfinnee

Tajaajila Kominikeshinii Mootummaa

Hedduminniifi walqixxummaan tokkummaa biyyalessaaf

Itoophiyaan biyya sabdaneettii, afdaneettiifi amantaa hedduuti. Kana malee, biyya saboonni, sablmoonniifi ummattoonni aadaa, duudhaa, safuufi seenaa ofiisaanii qabachuun tokkummaafi aadaa waldanda’uu gabbifachuun biyya seenaqaabeettii waliin keessa jiraataniidha.

Itoophiyaan sirna heddumina keessummeessu hojiirra oolchuu dhabuusheetiin yeroowwan gara garaatti qormaatawwan jajjabaa keessummeessaafi qormaataa keessatti cimaa har’a geesseetti. Kanaafis yeroo hedduu biyya qormaata keessatti cimaa ijaaramaa dhufte jechuun leellifanti. Weerara alaa ta’e hokkora keessosheetti mudaturratti injifannoo galmeessisuun biyya gootummaanis beekamtudha.

Ta’us osoo hedduminni kabajaafi ulfina hinargatin waggootaaf turuun garaa garummaa jaba uumaa dhufe. Walqixxummaa sabootaa gatii dhabsiisuun yeroodhaa gara yerootti aarsaa himmalle kaffalchiisaa boodatti hafummaa, hiyyummaafi quucara sirna dimokraasiiif karaa saaqe.

Rakkoo kana furuuf yeroo jalqabaatiif sanadni heeraafi seera Itoophiyaa heddumina keessummeessee walqixxummaas mirkaneessu bara 1987 hojiirra oole. Asxaa mallattoo wabii tokkummaa keenyaa ta’ees mirkanaa’e.

Dhimmi tokkummaa biyyalessaa keenya cimsee utubu maal fa’i? Maal fa’aarratti cimsinee hojjechuu qabna; maal fa’aa irrattis waliigallu?

Asxaan tokkummaa biyyalessaa dhaloonni jaarraa 21ffaa ijaare Ashaaraan sabootaa, sablammootaafi ummattoota Itoophiyaa kan irraa ifu Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaati. Hidhi Haaromsaa dafqa hunda keenyaati. Ashaaraa dhaloota boruuf darbu qofa osoo hintaane humna guddaa harqota hiyyummaa ittiin caccabsinuufi dukkana gaanfa Afrikaa ittiin barsiisnu jabama walooma keenyaati jedha odeeffannoon Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaatiin guyyaa sabootaa, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa Sadaasa 29 yeroo 18ffaa kabajamu sababeeffachuun qophaa’e.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa’e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuan Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Sirna nyaataa sirrii hintaane: Ammallee dhimma xiyyeeffannaa cimaa barbaadu

Saamraawit Girmaatiin

Adaamaa: Sirni nyaataa sirrii hintaane (malnutrition) lammilee quucarummaa, qancarummaafi huqqinaafi ulfaatiinaan gadiif saaxiluun omishaafi omishtummaa biyyaa akka hinguddanne, lammii fayyaqabeessi akka hinjiraanne taasisuun miidhaa geesisa jira.

Akka qorannoon Dhaabbata Fayyaa Addunyaa mul'isutti, rakkoon kun keessumaa daa'immaniratti miidhaa geesisa kan jiru yoo ta'u, biyyoota hinguddanne keessatti ammoo rakkoonsaa hammaataadha. Daa'imman addunyaa sadii keessaa quucarummaaf, sadii keessaa lama huqqinaaf akkasumas sadii keessaa lama ammoo rakkoo ulfaatinaa gadiif ni saaxilamu.

Akka Itoophiyaattis qorannoon daa'imman waggaa shanii gadiiratti ALA bara 2000 hanga 2019tti taasifame akka agarsiisutti, quucarummaan %51 irraa %31tti, huqqinni %12 irraa gara torbaatti, ulfaatinaa gadi %33 irraa gara 21tti hir'ateera. Akka Oromiyaatti ammoo quucarummaan %52 irraa gara %35tti, huqqinni %10 irraa gara afuriitti ulfaatinaa gadi %42 irraa gara 16tti hir'iseera. Qorannoo dhihoo bara 2023tiin garuu keessumaa quucarummaan dabalee %39 irra jira.

Dhimma kanarratti Biiron Fayyaa Oromiyaa

(BFO) Roobiifi Kamisa darbe ogeessota miidiyaaf leenjii kenneera. Leenjicharratti barreeffama marii kan dhiheessan Dursaan Garee Sirna Nyaataa biirichaa Obbo Abarraa Daggafaa akka jedhaniitti, rakkoon sadarkaa addunyaatti mul'atu tumsa qaamolee hundaatiin yoo furamuu baate rakkoon qaqqabsiisu olaanaadha.

Lakkoofsonni eeramanis yommuu dhibbantaadhaan ta'an xiqqoo fakkaatanis olaanaa ta'uu kaasanii, Oromiyaa qofatti daa'imman miliyoona 2.4 quucarummaaf saaxilamoo ta'uu dubbatu. Kunimmoo furamuu kan danda'u hojii seektarri fayyaa qofti hojjetuun waan hintaaneef kana hubachiisuu keessatti ammoo gaheen miidiyaa olaanaa ta'uu eeraniiru.

Dhaabbata 'UNICEF' damee Oromiyaa bakka bu'uun waraqaa marii kan dhiheessan Aade Ribqaa Dammallaash gamasaaniin, biyya sirni nyaataa sirriin hinjirretti guddina hawaas dinagdee dubbachuufi yaaduun rakkisaa ta'uu eeranii, dhimmi kun xiyyeeffannaa olaanaadhaan yoo hojjetame malee dhiibbaa inni qaqqabsiisu damdaneessa ta'uu dubbatu.

Wayita ammaa akka biyyaatti quucarummaan %39, huqqinni %11, ulfaatinaa gadi %22 dabalataan ammoo ulfaatinni garmalee dhibbantaa ja'arra jiraachuu himanii, kanneen sirreessuun lammiiileen jireenya gaarii akka jiraatan, guddinni biyyaa akka



Sirna nyaataa sirrii qabaachuun fayyummaa lammileef

mirkanaa'u, omishaafi omistummaan akka dabaluuuf shoora olaanaa waan qabuuf hojjiin hubannoo uumuu miidiyaan hojjetu cimee ittifufuu akka qabu ibsu.

Keessumaa rakkoon kun daa'immaniifi haadhooliratti kan hammaatu ta'uusaatiin, haadhooliin yeroo ulfaa'an irraa kaasee hanga daa'imni dhalatee waggaa lama guututti guyyoota 1000 jiran kunuunsaa barbaachisu argachuu akka qaban kaasu.

Kunis haadhooliin yommuu ulfaa'an nyaata manumaa qaban wahiyoo (elements) isaa

eeggachuun hamma dura nyaatan irraa tokko dabalachuun soorachuu, erga da'aniis daa'imman hanga ji'a ja'aatti harma haadhaa qofa hoosisuufi ji'a ja'aan booda nyaata madaalamaa daa'immansaani akka sooraniif hojjiin barsiisuu cimee ittifufuu akka qabu hubachiisu.

Ogeeyyiin miidiyaa leenjicharratti hirmaatan tokko tokko yaada nuu kennaniin, leenjiin hubannoo uumuu akkanaa qophaa'uun gaarii ta'uufi ittifufiinsa hojjetamuu akka qabu dubbatu.



Itoophiyaan potenshaala galteewwan konistiraakshinii biyya keessatti omishu guddaa qabdi

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Itoophiyaan potenshaala olaanaa galteewwan konistiraakshinii biyya keessatti omishuuf ishee dandeessisu qabaachuu Inistitiyuutiin Manaajimantii Konistiraakshinii Itoophiyaa beeksise.

Inistitiyuutichatti Daarektarri Ce'umsa Teknolojii Konistiraakshinii Injinar Fallaqa Asaffaa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, yeroo ammaa gabaa biyyaa keessattis ta'ee sadarkaa idil addunyaatti gatiin galteewwan konistiraakshinii daran kan qaala'e yoo ta'u, kanaanis hojilee ijaarsarratti bal'inaan harkifannaan mul'ata jiraachuu himu.

Biyyattiin galteewwan ijaarsaaf oolan keessaa dhibbantaa 60 sharafa alaa olaanaa baasuun biyya alaati galchitee ittifayyadamaa jiraachuu ibsanii, rakkina kana hundeerra furuuf inistitiyuutichi galteewwan alaa galaa turan biyya keessatti omishuun bakka buusuuf qooda fudhattoota waliin teknolojiwwan konistiraakshinii

kalaquun gara gabaatti fidaa jira jedhaniiru.

Seektarri konistiraakshinii seektara qarshii olaanaafi humna namaa hedduu gaafatu waan ta'ef galteewwansaa biyya keessatti omishuu danda'uun carraa hojii namoota baay'eeff uumuu keessattis shoora olaanaa akka taphatus himaniiru.

Galteewwan kunneen gariisaanii qabeenya uumamaa biyyattiin qabdu qindeessuun kan omishaman yommuu ta'uu gariisaaniimmoo meeshaalee garagaraa tajaajila xumuran deebisaanii fayyadamuun (recycle) kan omishaman ta'uu himanii, dhagaa gurraachi qabeenya uumamaa kutaalee biyyattii garagaraatti bal'inaan argamu ta'uus kanaan dura sona dabaluu konistiraakshiniif itti fayyadamuun taatee baratame akka hintaane ibsaniiru.

Dhagaa gurraacha (basalt) akka galteetti ittifayyadamuuf warshaa dhagicha qindeessuu qabaachuu gaafata kan jedhan Injinar Fallaqaan, fuulduratti

Gara fuula 14tti

Naannoo Sidaamaatti kitaabileen barnootaa kutaa 12ffaa kuma 300 raabsamaa jiru

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Hanqina kitaabilee barnootaa kutaa 12ffaa naannoo Sidaamaa mudate furuuf kitaabileen kuma 300 raabsamaa jiraachuu Biiron Barnoota Naannichaa ibse. Barana barattoota miliyoona 1.3n baruufi barsiisuun adeemsifamaa jiraachuunis himameera.

Pirezidaantii Ittaanaafi Hogganaan Biiron Barnoota Naannichaa Obbo Bayyanaa Baraasaa Robii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannichatti hanqina kitaabilee barnootaa mudate furuuf hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, hanqinni mudates sirna barnoota haaraan walqabatee harkifannaa maxxansaa uumameen ta'uufi kunis baatii tokkoof rakkoo uumuu dubbataniiru.

Baasiin maxxansa kitaabileef barbaachisuufi fedhiin kitaabilee naannichaa walsimuu dhabuun rakkoo biraa akka ta'e eeranii, Biirichi hanqinoota mul'atan kanneen furuuf hojii bal'aa hojjechaa jiraachuufi hojii hanga ammaatti hojjetameen raabsii kitaabileen barnoota kutaa 1-8 miliyoona 108 aanaalee hundaatti raabsamuu himu.

Maxxansa kitaabileen walqabatee fedhiifi baasiin maxxansaa walsimuu dhabuun reeshoo baay'ina barataafi kitaabilee kan walhinsimne ta'us akka hojii baruufi barsiisuu hingufachiifnetti hanqina jiru duraa duubaan guutaa hojii baruufi barsiisuu akka ittifufusi dubbataniiru.

Hirmaannan barattootaa barana kan bara darbeen yommuu waliin walbira qabamu gadi bu'aa ta'uu kaasanii, ta'us barattoota



Obbo Bayyanaa Baraasaa

miliyoona 1.3 barnootarra jiru.

Haala walfakkaatuun kufaati barattoota kutaa 12ffaa akka biyyaatti mul'ate hambisuuf naannichi xiyyeeffannoo itti kennuun hojjetaa jiraachuu kan himan Obbo Bayyanaa, kufaatiin sadarkaa biyyaatti mul'ate kunis yeroo gabaabaa keessatti kan ta'e osoo hintaane rakkoo yeroo dheeraa ta'uu eeranii, bara darberraa eegaluun maatii barataa, barataa, barsiisaafi hoggansa barnootaa waliin marii bal'aan gaggeeffamee hojiitti galameera. Kufaati kana hambisuuf barnoota sadarkaa tokkoffaa duraarraa eegalee hojii bal'aa hojjechuuf pirojekitiin bocamee hojiitti seenamuu ibsu.

Hawaasin hojii fooyyessa manneen barnootaa keessatti hirmaannaasaa cimsee ittifufuu akka qabuufi barattoonis meeshaalee barnootaa dhiyaateef qixa sirriin fayyadamuu akka qaban dhaamaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Sadaasa 15 Bara 2016



Dargaggoota daboodhaan midhaan waliisassaabanii, aadaa abbootasaanii haarsaa jiran

fuula 9

Barnoonni cabe, fayyaan weerara busaan gaaga'ame Oromiyaatti maalirra jira? Sababniifi malli dhahame maali?

Obbo Abdulhakiim Muluu deebii qabu

fuula 6



Godambaa Adwaa: Mallattoo waloofi cichoominaa

fuula 8



Kan facaasne haamaa jirra

fuula 10



Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta'uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

Dhaabbanni Abbaagaar Ummataa Itoophiyaa miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee dhuunfaa akka ilaaluuf aangoo argate

Fooyya'iinsa labsii tanaan dura dhaabbatichi ittiin hundaa'ee labsii haaraa fooyya'e 1307/2016 sagalee guutuun kan raggaasise yaa'iin idilee 6ffaa Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa RFDIti.

Labsiin haaraa kun aangoo tanaan dura miidhaawwan bulchiinsaa waajjiraalee mootummaa keessatti raawwataman ilaalu qofarratti hundaa'ee ture gara dhaabbilee dhuunfaattis hojii walfakkaatu hojjachuuf kan isa dandeessisuudha.

Mana marichaatti bakka walitti qabaan koree dhimmoota dimokraasii Obbo Unatuu Allanaa bal'ina labsii fooyya'ee fi faayidaasaarratti mana marichaatiif erga dhiheessaniin booda miseensonni irratti mari'achuudhaan sagalee guutuun raggaasisaniiru.

Fooyya'iinsi labsii taasifame kun dhaabbanni abbaagaar ummataa miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti uumamuufi uumamuu dhabuusaaniirratti hordoffiifi to'annoo taasisuudhaan yeroo uumamanii mul'atanitti immoo qorannoo hatattamaa gaggeessuudhaan miidhaawwan uumaman saffisaan akka sirra'an kan taasisu ta'uu Obbo Unatuu mana marichaatiif ibsaniiru.

Jijjiirama labsii fooyya'ee kanaan dhaabbatichatti dhufe keessaa inni biraa hogganaan damee dhaabbatichaa akka durii kan muudamu mana marichaatiin osoo hintaane, yaa'ii abbaagaarotaatiin kan ramadamu ta'uus ibsaniiru.

Qorataan dhaabbatichaa tokko osoo hojii qorannoorra jiruu osoo yakka hamaa raawwachaa jiruu harkaafi harkatti yoo qabameen ala, yookiin heeyyama abbaagaar olaanaatiin alatti himannaa irratti banuus ta'ee hidhuun akka hindanda'amnes labsiin haaraa kun eegumsa kenneefiira.

Fooyya'iinsi kun immoo kanaan dura qorattoota dhimmoota guguddoo harkaa qabanirratti doorsisa uumamaa ture kan hambisuufi hojjiisaanii karaa eegumsa seeraa gahaa qabaniin akka raawwatan kan isaan dandeessisu waan ta'eef miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee mootummaas ta'ee dhaabbilee dhuunfaa keessatti hojjattootarra gahaa jiran hambisuu keessatti abdiin guddaan kan irratti gatameedha.

Dhaabbanni Abbaagaar Ummataa Itoophiyaa hojiiwwan erga hundaa'ee kaasee hanga ammaatti raawwachaa ture keessatti miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti raawwataman ilaaluuf



aangoo qabaachaa kan hinturre ta'uu kan yaadachiisan Obbo Unatuu, labsii fooyya'ee kanaan garuu dhaabbilee mootummaa keessattis ta'ee kanneen dhuunfaa keessatti miidhaalee bulchiinsaa hojjattootarratti raawwataman bifa guutuu ta'een ilaaluuf aangoo argateera.

Akkasumas labsii fooyya'ee kanaan dhaabbilee dhuunfaa keessattis iyyannoowwan miidhaalee bulchiinsaa simachuu, qorachuufi yaada furmaataa kennuuf mirga argateera

Ibsa bal'aa koree dhimmoota dimokraasiitiin dhihaate kanarratti marii bal'aa kan gaggeesse manni maree bakka bu'oota ummataa, fooyya'iinsi labsichaa barbaachisaa ta'uu hubachuudhaan labsii dhihaate sagalee guutuudhaan raggaasisuu



Obbo Unatuu Allanaa danda'eera.

Haala kanaan labsiin dhaabbatichaa kanaan dura ture 1142/2011 labsii haaraa fooyya'ee 1307/2016n bakka bu'uudhaan hojiirra ooleera.

KEESSUMMAA BARIISAA

Barnoonni cabe, fayyaan weerara busaan gaaga'ame Oromiyaatti maalirra jira? Sababniifi malli dhahame maali? Obbo Abdulhakiim Muluu deebii qabu

Waasihun Takileetiin

Barnootaa ammas barnootaa kana ta'uu qaba kaayyoon Oromootaa jedhamee weellifameefiira. Barnoonni furtuu waan hundaa ta'u hayyoonni Oromoo darbanillee beekani dhaloonni barumsaaf akka ka'u fayyasaafis wabii akka ta'u gorsaa turan.

Dhaloonni hinbaranne mirgasaatiif hinfalmatu jechuun Oromoon barnootaaf dursa kennuu akka qabu kan gorsan keessaa Jeneraal Taaddasaa Birruu isaan tokko.

Mul'atasaanii kana milkeessuuf hedduun artiin miidhagsanii kan weellisani yoo ta'u, Doktara Kabajaa Artisti Alii Birraa isa tokko yoo ta'u, raayyaan barnootaafi hawaasni mana barumsaas barnoonni hunda akka waliin gahuuf carraaqii guddaa taasisaa turaniiru, ammas ittuma jiru.

Barachuufimmoo fayyaan ofii eegamaa ta'uun dirqama yoo ta'u, weerara busaatiin walqabatee fayyaan lammiilee gaaga'ama hamaa keessa seeneera. Dhaloota dhibeerraa bilisa ta'e horachuu kanamalees kan barnoota ammayyaatiin of gahe horachuuf yoo tarkaanfiin hinfudhatamne nama dhuunfaaf mitii biyyaafuu yaaddoodha.

Guddina hawaas dinagdeefi siyaasa biyya tokkoo fuulduratti tarkaanfachiisuu keessatti shoorri fayyaafi barnoonni taphatan olaanaa waan ta'eef mootummaa naannoo Oromiyaa biratti bakki guddaan kennameefii irratti hojjetamaa tureera, jiras.

Keessumattuu daa'imman umriin barnootaaf gahe dugaaganii mana barumsaatti galchuu darbee yaada fayyaan faaya jedhu milkeessuuf ijaarsa buufataalee fayyaa irraa kaasee hanga jalaatti babal'isuun hojiin hojjetamaa jiru olaanaadha.

Haata'utii harcaatii tibbana barnootarratti mudateen walqabatee komii guddaan ka'aa kan jiru yoo ta'u, maddi rakkoo kana maali, hudha kana furuuf tarkaanfiin fudhatamaa jiru hoo maal fakkaata?

Kanamalees weerara busaa yaaddoo dabalataa ta'ee lammiilee qoraa jiru furuuf malli akka mootummaatti kaa'ame maalidha? isa jedhuuf keessummaa tokko isinii dhiyeessineerra.

Keessummaan keenya dhimmoota kanneeniif deebii nuu kennan Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaa Kilaastara Hawaasummaa Obbo Abdulhakiim Muluuti.

Bariisaa: Qoodni hojiin Kilaastara Hawaasummaa maaliidha? biirolee isa jalatti hogganamanirraa maaltu adda isa taasisa?

Obbo Abdulhakiim: Sektaroonni Kilaastara Hawaasummaa kana jalatti hammataman 11 yoo ta'an, isaan keessaa kanneen akka Barnootaa, Fayyaa, Aadaafi Turizimii, Dargaggootaafi Ispoortii, Kominikeeshiniifaan ni eeramu.

Hordoffiifi deeggarsa, qorannaa, ijaarsa kennuun qindeessuun kallattii kaa'uufi egereef haala waloo mijeesuun hudhaa kilaastara hawaasummaa furuudha.

Bariisaa: Gara misooma barnootaatti isin deebisnaa cabiinsa barnootaa



Suurri: Gabraa'oo Gabreetiin

mudateef sababni maali? Malli hudhaa kana furuuf kaa'ame hoo maalinni?

Obbo Abdulhakiim: Cabiinsi damee barnootaarratti barana mudate waggaa afur dura akka naannootti qorannaan kan mirkanaa'e ta'uu hubatamee irratti hojjetamaa tureera.

Bariisaa: Cabiinsi barnootaa barana mudate mudachuu akka danda'u erga qorannaadhaan beekamee durfamee tarkaanfiin cabiinsa kana oolchuu hojjetameeraa laata?

Obbo Abdulhakiim: Dhugaa dubbachuuf cabiinsi barnootaa mudachuu akka danda'u erga baramee as hojiin qulqullina barnootaa lafa qabsiisuu sirriitti irratti hojjetamaa tureera jechuun ni danda'ama. Kunis hudhaalee sababa ta'an adda baasuun irratti hojjetamaa tureera ammas ittuma jira.

Bariisaa: Hudhaaleen cabiinsa barnootaaf sababa ta'aniifi qorannichaan adda bahanii irratti hojjetamaa jiran maal fa'i?

Obbo Abdulhakiim: Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne rakkoon istaandardii isa tokko. Istaandardii dareedhaan walqabatee sadarkaa naannootti dhibbantaa 15 qofatu hojiirra oole. Achi keessaa manneen barnootaa dhibbantaa 85 istaandardii kan eeggatan miti. Rakkoon dhiyeessiiwwan barnootaas kan jiran yoo ta'u, hanqinni kitaabilee akka fakkeenyaatti kan ka'uudha.

Dabalataan sirni barnootaa hojiirra ture mataansaa rakkoo hamaaf kan saaxilame waan tureef innillee xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'ee argameera. Inni biraa rakkooolee dandeettii, hoggansaa, qindeessummaafi hawaasa mana barumsaatiin kan walqabatuudha.

Bariisaa: Erga rakkoon istaandardii hubatamee hamma irratti hojjetameera?

Obbo Abdulhakiim: Misoomni manneen barnootaa sadarkaasaanii eeggatanii akka babal'atu ta'eera.

Keessumaa waggoota sadan darbanitti hirmaannaa uummataatiin manneen barnootaa bu'uura boruu kuma 15 ol ijaaramaniiru. Kanneen keessaa manneen barnootaa 4500 kurmaana 1ffaa keessa kan ijaarameedha. Ifa Boruu 100 ol, manneen barumsaa bultii addaa torbaafi manneen barnootaa addaas hedduminaan kan ijaaraman yoo ta'u, dameen barnootaa akka naannootti xiyyeeffannoo guddaa argataa jira jechuun ni danda'ama.

Bariisaa: Dhiyeessiin kitaabilee barnootaa hudhaa guddaa akka ta'e kaa'aa jiraatii kana furuuf maaltu hojjetamaa jira?

Obbo Abdulhakiim: Hudhaan kun ammallee waantota sektara barnootaa qoraa jiran keessaa isa tokko yoo ta'u, kana furuuf biyya keessaafi alatti maxxansi kitaabilee taasifamaa jira.

Maxxansi kitaabilee sirna barnoota haaraa kun hamma tokko kan raawwatame yoo ta'u, kitaabileen miliyoona 11.4 (dhibbantaa 43)maxxansiisuun barataaf raabsamaniiru. Bakka hanqinni jiruttimoo sooftikoppiin kennamee yeroof akka irraa barsiisan taasifamaa jira. Ta'uus quufsa waan hintaaneef maxxansisaa ammas ittuma jira.

Walumaagalatti cabiinsa barnootaa barana numudate mootummaan naannoo Oromiyaa waggaa afur dura qorannaan kanirra ga'e waan ta'eef inisheetiiviiwwan adda addaa bocee misooma barnootaarratti

xiyyeeffannoo guddaadhaan hojjetaa tureera. Jijjiiramoonni olaanaan galmaa'aa jira. Ammas cimtee ittifufa.

Bariisaa: Barnoonni idileen duraa (BID) dur hinturre kufaatii qaqqabaa jiru kanaaf akka sababaatti ka'aa laata?

Obbo Abdulhakiim: Sirni barnootaa kanaan dura ture gama barnoota idileen duraatiin xiyyeeffannoo kennee hojjetaa hinturre. Kanarraa kan ka'e barataan daree lakkaa'uun ala osoo qubee adda baasee hinbeekiin dareerraa dareetti darbaa ture.

Haata'utii booda kana hojii haala mijeesitoota mindeessuun hojjetameen jijjiiramoonni guguddoon galmaa'aa jiru. Tarkaanfiin kun inisheetiivii dabalataa misoomni barnootaa ittiin mirkanaa'aa jiru keessaa hojii guddaa daa'imman barnoota idileen duraarratti hojjetamaa jiruudha.

Bariisaa: Simannaan barattootaa yeroo ammaa maalirra jira? Keessumattuu daa'imman umriinsaanii barnootaaf gahe duguuganii mana barumsaatti fiduurratti sochiifi raawwiin jiru maal fakkaata?

Obbo Abdulhakiim: Barataan Oromiyaa keessa jiru hammami isa jedhu yoo ilaalle biyya tokko jechuun ni danda'ama. Sababnisaa barana qofa barattoonni galmaa'anii barachaa jiran miliyoona 11.3dha.

Barattoota kanneeniif kitaaba sirna haaraan maxxanfamee qophaa'e waliin gahuuf sochii taasifameen dhibbantana 43 raabsameera. Kan hafemmoo bajata guddaan ramadameefii biyya keessaafi alatti maxxanfamaa jira.

Daa'imman umriinsaanii barnootaaf gahemoo jechuunis kanneen BID addatti barsiisaan ramadameefii erga tajaajilli nyaataa manneen barnoota keessatti hojiirra oolee as simannaan barataa dachaan dabalaa jira.

Haala kanaan dura hinbaratamneen lakkoofsi simannaa barattoota BID dabalaa kan jiru yoo ta'u, akka fakkeenyaatti daa'imman BID galanii barataa jiran umrii ganna 4-6 barana qofa miliyoona 1.6 galmaa'anii barachaa jiru.

Bariisaa: Qabxiin barataa akka gadi bu'uuf sababa kan ta'e inni tokko sirna barnootaatiin kan walqabatuudha jedhamaatii kanarratti maal jettu?

Obbo Abdulhakiim: Dhugaa dubbachuuf ka'umsumarraa qabxiin barataa akka gadi bu'uuf sababa kan ta'e rakkoo sirni barnootaa qabaachaa tureedha. Kana furuufis sochiin jalqabame gaariidha, jijjiiramas fidaa jira.

Hanqinni kitaaba barataa mataansaa kanarraa kan ka'eedha kan mudate. Sababnisaa yeroo sirni barnootaa jijjiiramu kitaabni jijjiiramuunsaa hinoolu. Kitaabilee kana guutummaatti altokkoon maxxansanii waliingahuun waan ulfaatuuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Murteessitoota qulqullina barnootaa keessaa dhiyeessiin MDB

Barnoonni cabe, fayyaan weerara ...

(meeshaalee deeggarsa barnootaa) laabiraatorii gahaan manneen barnootaa keessa jiruu?

Obbo Abdulhakiim: Meeshaaleen deeggarsa barnootaafi kutaaleen laabiraatorii gahaan dhabuun hudhaalee dabalataa cabiinsa barnootaati jechuun nidanda'ama. Bakkawwan hundatti waliin gahuurratti hanqinoonni jiru. Hanqinoota kanneen qorannaan adda baasnee irratti hojjetaa jirra. Gabaabumatti dhimmi barnootaa hojii halkaan tokkoon kan milkaa'uu osoo hintaane hojii hordoffiifi deeggarsa walirraa hincinne barbaadu, teknoolojii ammayyaatiin deeggaramuu keessattillee ammallee kan irratti hojjetamuu qabu waan ta'eef xiyyeeffannoon gama kanaan jiru olanaadha.

Bariisaa: Gara dandeettii barsiisotaatiin walqabatee, dandeettiifi ga'umsi barsiisotaa akaakuu barnootaasaanii injifachuufi injifachuu dhiisuu madaalamaa jiraa? Kunis rakkoo qulqullina barnootaaf akka sababaatti waan eeramuuf jechuudha.

Obbo Abdulhakiim: Barnoonni qulqullina qabu akka dhugoomuuf murteessitoonni dabalataa ga'umsa barsiisaatiin kan walqabataniidha jechuun nidanda'ama. Barsiisaan akaakuu barnootaa barsiisu mo'achuufi mo'achuu dhiisuusaa madaalliin gaggeeffamee laayisensiin kennamaa deema.

Qormaata ga'umsaas akka qoraman taasisneerra. Barsiisota qormaata ga'umsaa qoraman keessaa kan darban muraasa. Kanaaf ga'umsarratti hojjetamuu akka qabu; leenji'aan barsiisaa ta'u kamuu qormaata kana kan darbu ta'uu qaba.

Yoo hindabarre waan dhalootaaf hudhaa ta'uuf xiyyeeffannoon kennamee irratti hojjetamaa jira. Barataan barsiisaa ga'umsa hinqabneen qoramaa deemu dandeettiinis ta'e ga'umsaan laafaa waan ta'uuf barsiisummaan dhaba hinwayyuu osoo hintaane ogummaa kabajamaa namoonni ga'umsa cimaa qaban itti eebbifamanii hojjetaniidha. Kun akka ta'uufis xiyyeeffannoon damichaaf jiru guddaadha.

Bariisaa: Gadi bu'uu qabxii barataatiif barataafi maatiin barataas ni komatamuu maal sababnisaa?

Obbo Abdulhakiim: Barataan ammaa babal'achuu teknolojiin walqabatee barruuleesaa caalaa miidiyaa hawaasaarratti yeroosaa fixaa jira. Yeroon qo'annaaf qaban daran gadaanaadha.

Kanamalees maatiin barataa ijoolleen keenya eessa oolu, maalirra jiru isa jedhu hordoffii taasisuurratti hanqinni guddaan jira. Ijoollee ol guddattu daa'imummaarraa qabnee naamusa gaariin yoo bocaa deemuu baanne qabxiin barataa gadi bu'uun, cabiinsi barnootaa mudachuun darbees maatiifi biyyarratti ba'aa ta'uun hinoolu.

Kun waan ta'eef maatiin barataa ilmansaani xiyyeeffannoosaanii miidiyaa hawaasaarraa gara barnootaasaaniitti akka jijjiirrataniif dirqama namummaa isaanirraa eegamu bahachuu qabu malee ittigafatamummaa manneen barnootaaf qofa kennuun sirrii miti.

Bariisaa: Dargaggoonni Magaalaa Shaggar jala jiran dhibbantaan 65 ol barreessuufi dubbisuu hindanda'an jedhama. Babal'ina warshaaleetiin walqabatee yeroo umriisaanii barnootaaf gahu hojii humnaatiin

warshaatti mindeeffamuun jireenyasani injifachuuf carraaquun ala barnootaaf akka hincarroomneedha kan dubbatamu. Dhaloonni kun Finfinnee jala taa'ee barnoota malee hafuun kanarratti maal jettu mee?

Obbo Abdulhakiim: Dhugaa dubbachuuf gama kanaan komiin jiru sirriidha. Sababnisaa dargaggoonni Shaggar jala jiran dhiibbaa kanaan dura tureen lafasaniirraa buqqifamuun walqabatee barachuurra hojii humnaarratti bobba'aa turan.

Kanarraa kan ka'e komiin barreessuufi dubbisuu hindanda'an jedhu sirriidha. Nus misooma manneen barnootaa yeroo ammaa babal'isaa jirru keessatti bakkeewwan akkasii giddugaleeffannee hojjetaa jirra.

Keessumaa dhimmi kun barnoota ga'eessotaa kennuun kan walqabatu waan ta'eef irratti hojjetamaa tureera. Jijjiiramoonni gara garaas galmaa'aa jiru. Akka Oromiyaatti Barnoonni Ga'eessotaa Qindaa'aa Gocharratti Xiyyeeffate (BGQGX) babal'isuun hunduu barreessuufi dubbisuu akka danda'uuf hojiiin hojjetame salphaa miti.

Akka fakkeenyaatti 2015 keessa qofa BGQGX ga'eessota umrii ganna 15-56 jiran kuma 849 ol baatii jahaaf leenjii fudhatanii barreessuufi dubbisuu kanamalees qooyyaboota herreega akka baran ta'uun ragaan kennemeefiira. Ragaan argatan kun barnoota idilee kutaa 3ffaa galanii barachuu kan isaan dandeessisuudha.

Barnoonni ga'eessotaa kun guutuu Oromiyaatti ammas marsaa marsaan ittuma fufaa kan jiran yoo ta'u, akka Magaalaa Shaggarittis xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa kan jiruufi hudhaa dargaggoota magaalichaa gama kanaan qoraa jiru furuuf baruu barsiisuu gaggeessuun ala hojii dadammaqiinsaas gaggeessaa jirra.

Bariisaa: Kilaastarri Hawaasummaa damee fayyaas waan hammatuuf gama kanaan Oromiyaa keessa dhaabbilee fayyaa hammamtu jiru, kenniinsi tajaajilaa hoo maal fakkaata?

Obbo Abdulhakiim: Dhaabbileen fayyaa akka Oromiyaatti jiran kuma 14fi 200 oli. Hospitaaloonni 107, buufataaleen fayyaa 1,400 ol, keellaan fayyaa kuma jahaa ol, baankiilee dhiigaafi kolleejjota fayyaa gara garaas qabna.

Bariisaa: Kurmaana Iffaa kana keessa namoonni hammam tajaajila yaalaa argataniiru?

Obbo Abdulhakiim: Kurmaana Iffaa keessa namoonni miliyoona 17 ol tajaajila yaalaa gahaa ta'e argataniiru. Kun lakkoofsa guddaa waan ta'eef lakkoofsa kana maqaaf kan yaallu akka hintaaneeff kenniinsi tajaajila yaala fayyaa si'ataafi qulqullina qabu akka dhugomuuf ammallee hojii xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jiruudha.

Bariisaa: Tajaajilli yaala da'umsaa mana yaalaatti kennamuu akka qabuufi du'aatiin haadhooliifi daa'immanii akka to'atamuuf hojjetamaa tureera. Gama kanaan raawwiin kurmaana Iffaa akkamitti ibsama?

Obbo Abdulhakiim: Dhugaa dubbachuuf gama kanaan jijjiiramni ilaalchaa dhufaa jira. Kanuma kurmaana Iffaa kana qofa fudhannee yoo ilaalle haadhooliin kuma 285 ol dhaabbilee fayyaa keessatti tajaajila yaala fayyaa argataniiru.



Haata'utii ammallee haadhooliin muraasa gola keessatti mala aadaatiin da'aniifi lubbuusaanii dhaban waan jiraniif rakkoo ilaalchaa dhibbantaan muraasa mudataa jiru furuuf hojiitti jirra.

Bariisaa: Oromiyaa, iddoowwan tokko tokkotti lammiileen weerara busaatiif saaxilamaa jiru. Hojiin rakkoo kana furuuf hojjetamaa jiru maal fakkaata?

Obbo Abdulhakiim: Taa'umsi lafa Oromiyaa babal'achuu dhibee busaatiif dhibbantaan 80 mijataadha. Kanarraa kan ka'e weerarri dhibee busaa barana hawaasa keenya qoraa jira.

Rakkoo fayyaa weerara busaatiin walqabatee mudataa jiru kana furuuf qorannaan dhiigaa namoota miliyoona tokkoofi kuma 32 oliif kan taasifame yoo ta'u, kana keessaa namoonni kuma 300 ol ykn dhibbantaan 35 dhibeen busaa dhiigasaanii keessatti argameera. Namoota kanneeniif qorichi kennamee yaalamuu danda'aniiru.

Bariisaa: Erga namoonni dhibee kanaan qabamanii yaalaaf hojjechuurra ittisaarratti hojiin hojjetame hinjiruu laata?

Obbo Abdulhakiim: Gama ittisaarratti saaphanni siree miliyoona torbaa ol raabsameera. Manneen jireenyaa kuma 140 oliif biifan keemikaalaa taasifameera. Iddoowwan walhormaata bookee busaa qulqulleessuufi hojiileen gara garaa hubannoo uuman hojjetamaa jiru.

Bariisaa: Rakkoon dhiyeessii qorichaafi meeshaalee yaala fayyaa dhimmoota hawaasa qoran waan ta'eef furmaanni kanaa maalinni jettu?

Obbo Abdulhakiim: Yaalamtoonni rakkoo dhiyeessii qorichaatiin walqabatee rakkoo keessa jiraachuun beekamaadha. Qorichoonni hedduun alaa bitamanii waan galaniif harkifannaan mudachuu danda'a. Rakkoo kana furuuf barana bajanni naannoftuun bittaa qorichaaf oolu miliyoona 430fi kuma 800 ol ramadeera.

Kun gahaa waan hintaaneeff hamma danda'ametti inisheetiiviiwwan gara garaa biyya keessatti qorichoota omishuuf gargaaran hojiirra akka oolu kallattiin taa'ee irratti hojjetamaa jira.

Bariisaa: Qoricha miliqsuun, kan yeroon irra darbe gurguruun akka jiru hima. Gama kanaan Oromiyaa keessatti haalli

jiru maal fakkaata?

Gama kanaan hordoffiifi deeggarsa taasifamaa tureen dhaabbileen fayyaa nyaataafi qorichaan walqabatan 494 ol akka cufaman taasifamaniiru. Dhaabbileen 1008 akeekkachiisa fudhataniiiru. Dhaabbileen 21 ammoo eeyyamnisaniin haqameera. Isaan kunniin kanneen qoricha milqsuun, qoricha yeroon irra darbe gurguruufi nyaatawwan alaa galaniifi yeroon tajaajilaasaanii irra darbe gabaaf dhiyeessaniidha.

Rakkoo hanqina qorichaatiin walqabatee mudataa jiru dabalataan furuuf manni qorichaa hawaasaa akka babal'atu kan taasifame yoo ta'u, kanaan dura manneen qorichaa hawaasaa 356 ijaaramanii tajaajilaaf oolaniiru. Manneen qorichaa 100 ammoo ijaaramaa jiru.

Bariisaa: Meeshaaleen yaala fayyaa tokko tokko gatii qaaliidhaan bitamanii dhufanii ittifayyadamarratti hanqinni waan jiruuf tajaajila kan hineegalle jiru jedhama. Gama kaaniin hanqinni dhiyeessii jira jedhamaatii hanqina gama kanaan mul'au furuurratti maaltu hojjetamaa jira?

Obbo Abdulhakiim: Hanqina meeshaalee yaala fayyaa mudataa jiru furuuf maallaqa guddaan itti ba'ee bittaa gaggeeffamaa tureera.

Kanamalees ittifayyadamasaarratti hubannaan dhabamuun walqabatee meeshaaleen yaalaa hojiirra hinoolle jiru. Kanneen rakkoo teeknikaatiin tajaajila dhaabanis jiru. Kanarraa kan ka'e kenniinsi tajaajila yaala fayyaa harkifannaan mudachuu mala.

Haata'utii dhimmi kun furamuu akka qabu kallattii kaa'ameen ogeeyyonni fayyaa ga'umsa teeknikii meeshaalee yaala fayyaa qaban kenniinsa tajaajila lammummaa gama fayyaatiin taasifamaa tureen itti bobbahanii kanneen tajaajila dhaaban akka jalqaban taasisaniiru. Kanamalees meeshaalee yaala fayyaa bitamanii dhufanii tajaajila hineegalle warshaaluun tajaajila akka eegalan taasisaniiru.

Tajaajila lammummaa gama kanaan ogeeyyota fayyaa keenyaan taasifameen meeshaaleen yaala fayyaa kuma shanii ol

AADAIFI AARTII

Godambaa Adwaa: Mallattoo waloofi cichoominaa

Charinnat Hundessaatiin

Godambaan Adwaa pirojektota guguddoo Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetamaa jiran keessaa isa tokko.

Seenduubee Injifannoo Adwaa ka'umsa godhatee Finfinnee, fuulle Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee (Mana Qopheessaa)tti ykn Birbirsaa Gooroo (Piyaassaa)tti ijaaramaa kan jiru Godambaan Adwaa kun haala gootota Itoophiyaafi teessuma naannawa Adwaa sirriitti ibsuun kan saxaxame ykn dizzaayin ta'eedha.

Godambichi bilookiiwwan 11 qabatee lafa hektaara kuma 45 irratti ijaaramaa kan jiru yoo ta'u, keessoosaatti fakkiiwwan tulluu Adwaa akka funcaa walqaqqabatan, yaadannoo abbootii fardaa Adwaa, yaadannoo dubartoota goototaaf moggaafame, wiirtuu tokkummaa, yaadannoo bilisummaa Afrikaa akkasumas godambaa imala gootota Itoophiyaa agarsiisu qaba.

Pirojektichi haala tajaajiloota damdaneessa kennuu danda'uun ijaaramaa kan jiru yoo ta'u, galmoota adda addaa altokkotti namoota 300 hanga 4000 keessummeessuu danda'an akkasuma iddoowwan taphaa adda addaa kanneen akka kaafteeriyaafi sinimaafaas ni qaba.

Pirojektii kun gama seenaa kaa'uufi ittifufsiisuutiin xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, faayidaansaas daran olaanaadha. Bulchiinsi magaalichaas kanuma yaada keessa galchuun hojicha jalqabsiisee hojjetaa kan jiruuf.

Pirojektii kana keessatti waa'ee waraana Adwaa jalqabaa kaasee haalonni hanga ammaatti jiran galaniiru ykn agarsiifamaniiru. Pirojektichi caalaatti injifannoo Adwaafi gootota yeroo waraanichaa aarsaa ta'an kan yaadachiisu, gootummaa kanas addunyaatti beeksisuufi yaadachuuf yaadamee ijaaramaa kan jiruudha.

Bakki itti ijaaramaa jiru kun Piyaassaa waan ta'eef faasiliitiwwan naannawa kanatti argaman hunda walitti qabee kan qabateedha.

Godambicha keessatti akkuma irranatti eerre gootonni yeroo waraanaa sana aarsaa ta'an ni yaadatamu. Kanaafis haala daaw'attootaaf mijatuun daran miidhagamee hojjetamaa jira.

Pirojektii kun egaa gootummaan keenya



yeroo sana ture maal akka fakkaatu, gootummaa keenya har'aa misoomarratti qabu walitti qabnee ittibalaluun agarsiisuuf kan yaadameedha.

"Pirojektii guddicha waa'ee kaleessaafi har'arra tarree Itoophiyaan egere maal fakkaachuu qabdi jennee ogummaa damee ijaarsaatiin, dameewwan aadaafi misooma ittifufsiisuutiin addunyaa keessaa maal fakkaatti jedhu sirriitti hubachuu daran kan gargaaruufi agarsiisuudha.

"Dabalataanis akka bulchiinsa magaalatti manni marii bulchiinsa magaalichaafi waajjirisaa akka godambicha keessa ta'u taasifamee kan hojjetameedha. Bulchiinsa magaalatiifis galmi guddichi godambichatti argama jechuudha" jedha hogganaa Ittaanaan Waajjira Pirojektota Guguddoo Finfinnee Injinar Daawwit Xibabuu, ibsa yeroo darbe dhimma ijaarsa godambichaarratti kenneen.

Kana malees taaksiwwaniifi atoobisoonni ammaan tana naannawaa Piyaassaa dhiphisan hafuun godambichi konkolaattota kanneeniif tarminaa ta'ee tajaajila. Kanaanis aduufi rooba keessa dhaabatamee taaksiifi awutoobisii eeguun ni hafa jechuudha.

Akkuma kan biyyoota kaanii tajaajilli geejibaa dallaa keessaa ('in door') bakka kanatti akka kennamu taasifamee kan hojjetameedha jechuudha. Kanaanis waldhiphisi geejibaa naannawa kanatti mul'atu ni hafa jechuudha. Konkolaatonni karaarra dhaabamaa turaniifis akka paarkiitti kan tajaajiluudha; godambichi.

Pirojektichi dandeettii konkolaattota kuma tokko akka qabatu taasifamee kan hojjetame yoo ta'u haala taateewwan Adwaa yeroo

labsiin ittarii (kitat) labsamerraa kaasee jiran hunda ibsuu danda'uun kan hojjetameedha.

Fakkeenyaaf, yeroo labsii ittariitti gootota kutaalee Itoophiyaa adda addaarraa ka'aniif akka yaadannoo ta'uuf balbaloonni gara garaa jiru; kan kibbaa, lixaa...jedhamee haala naannawa hunda gootonni labsii ittarii labsame hordofanii irraa dhufan ibsuun.

Asii ka'amee ammoo haala hanga bakka injifannooti jiru ibsuuf sadarkaalee miilaan ol ittiin bahamu hojjechuudhaan imalichi hammam dadhabsiisaa akka ture ogummaadhaan agarsiisameera. Achi keessatti gumaacha gootonni darban galmeessisan kan ittiyaadatamu tilmaama keessa galchuunis kan hojjetameedha.

Yeroo waraanaa sana hirmaannaan dubartootaa olaanaa waan tureef kunis akka sirriitti yaadatamuuf haalota addaatiin ibsamaniiru. Naannoosaas akka Adwaa fakkaatuuf fakkeenyaaf tulluuwwan Adwaa keenyan gamoo irratti akka mul'atan gochuudhaan ogummaadhaan ibsaniiru.

Bakki itti argama godambichaa Birbirsaa Gooroo ta'uun walqabatee akka qofoosaa ta'ee ittihinufneef manneen kitaabaafaa akka qabaatu taasifameera.

"Pirojektii qarshii biliyoona 4.6n ijaaramaa jiru kana ji'oota muraasa keessatti xumurree eebbisiisuuf xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetaa jirra. Ijaarsisaa fiizikaalaan ammaan tana gara xumuraatti jira. Kanaafis Waajjiri Ministira Muummeefi Kantiibaan Magaalaa Finfinnee pirojekticha dhiyeenyaan hordofaa jiru. Hojiinsaas torban guutuu halkanii guyyaa hojjetamaa jira" jedha Injinar Daawwiit.

Keessoon godambichaa meeshaalee teknolojii sadarkaasaanii eeggataniin kan hojjetameedha. Dibbeen (miidiyaan) yeroo duula waraanaa Adwaa waamichi ittarii taasifameenis ogummaa addaatiin miidhageeti godambichatti kan hojjetame.

Bitaa mirga dibbee hojjetameetti ammoo bocni haala kufaatiifi waraana goototaa agarsiisu bareechee mul'ata. Dhaadannoon yeroo sana qabatamee tures kan hojjetamu ta'uudha kan hubanne.

Gaalariwwan hojiilee artiis godambichatti iddoo guddaa argataniiru. Adeemsonni yeroo waraanichaa turan marti haala gaariidhaan ibsamani mul'atu. Iddoon agarsiisiiwwan adda addaa ittidiyaatanis ni jiru.

Bakki guyyaan yaadannoo Adwaa ittikabajamus bakkuma dibbeen argamu kanatti kan qophaa'e yoo ta'u, bakki teessumaa namoota ayyaanicharratti hirmaataniis danaa teessumaa istaadiyemii qabatee miidhaginaan hojjetameera.

Bakki abaaboon yaadannoo kaa'amus haala bareedaadhaan sirnaa hojjetameera. Manneen sinimaa, laayibirarii, jiminaaziyeemii, deeykeer (iddoo daa'imman ittikunuunfaman), suuqiwwan adda addaa qaba, bakka daa'imman. Gubbaasaarratti bakka magariisa bashannanaaf oolu, kaafteeriyaafi reestoraantii guddichas qaba.

Pirojektii seenaqabeessi kun caalaatti Itoophiyummaa, mallattoo walfaana hojjechuufi cichuuti. Pirojektii Finfinnee saffisaafi kalaqaan guddaachaa jirtuuf miidhagina adda dabaluuudhas. Pirojektichi magalaatiif qofa otoo hintaane biyyaafis fakkeenya adda ta'ee kan tajaajiluudha.

Pirojektii ammaan tana gara xumuraatti jiru kun mallattoowwaniifi duudhaaleen keessoo godambichaatti ibsamaniifi iddoowwan tajaajilaa (galmoonni walga'ii, cinimaan, gaalariifi kkf) asitti argaman hiika addaa qabu. Akkasumas agarsiistuu qabatamaa dhimma jennu kanaati.

Pirojektii kana torbanuma darbe hayyoonni Seena Yunivarsiitii Finfinneefi ogeeyyiifi hoggansi Abbaa Taayitaa Eegumsa Hambaalee, Pirojektii Adwaa daawwataniiru. Akkaataa pirojektichi seenaa dhugaa himuufi wareegamtootaaf yaadannoo sirrii ta'uu danda'urrattis mari'ataniiru. Adeemsi ijaarsa pirojektichaas haala gaariiratti akka argamu wayituma kana hubachiisaniiru.

Meeshaalee aadaa saboota Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa keessaa

Charinnat Hundessaatiin

Dhiyeenya kan hundaa'e Naannoo Giddugaleessa Itoophiyaa naannoo meeshaalee aadaafi duudhaalee adda addaa, iddoowwan invastimantiif oolan dabalatee qabeenyawwan hawwata turizimii baay'ee of keessaa qaba. Naannichi naannawa homaa hintuqamneedha.

Agarsiisa turizimii Finfinnee, Godambaa Saayinsiitti dhiyaatee turerratti argannee kan dubbisne Biiroo Aadaafi Turizimii Naannichaatti ogeessi olaanaan bakka hawwata turistii Obbo Wandimmuu Abaataa yaada gabaabaa ittaanu Bariisaaf kennaniiru.

Meeshaaleen aadaa mana keessaa saboonni

naannichaa durii kaasanii ittifayyadamaa turanis bal'inaan qabannee dhiyaanne. Waancaa gaanfaraa hojjetame, malakkaa, fal'aana, barnexaa saba Halaabaa, boraatii, masoobii, faayawwan adda addaa qaanca warqeerraa hojjetaman, meeshaa saba Hadiyyaa biratti yeroo sirni gaa'elaafi araaraa raawwatamu namoonni ykn misirroonni lamaan mijuu ittiin unataniifi qancaraa jedhamu. Qancaraan meeshaa aadaa xuwwee ykn okkotee ayyaatu ta'ee afaanota lamaafi ejjetaawwan lama qabuudha.

Dubbii keenyarratti saba Hadiyyaa biratti waadaan oggaa sirni gaa'elaa raawwatamu seenamu daran cimaa waan ta'eef walhiikuun hangana hinmul'atu. Walhiikanii hinbeekan jedhama. ittibalalees sirni araaraa sabichaas



akkasuma cimaadha.

Maatiin sabicha dhimma kamiinuu wallole ykn waldhabe, kan ajjeeseefi maatii namni jalaa ajjeeffamee araaramanii akka haaluma duriitiin jireenyasaanii ittifufan taasifama. Kanaafis meeshaa kanaan akka mijuu unatan taasisanii akka araari bu'u taasisu.



Qarreefi Qeerroo

Dargaggoota daboodhaan midhaan waliisassaabanii, aadaa abbootasaanii haareessaa jiran

Bayyanaa Ibraahimiin

Dur dur Oromoon gaafa hojiiwwan gara garaa kophaasaa namni tokko hojjachuu hindandeenyeef aadaa walgargaarsaa marsaa marsaadhaan nama miseensa hawaasa sanaa ta'e hunda bira qaqqabu fayyadamee hojiiwwan muddamsiisoo hojjatataa ture.

Aadaan walgaarsaa yeroo muddamaatti Oromoon walii birmatee waliin hojjatu kun immoo Daboo jedhama. Daboon kun kutaalee Oromiyaa gara garaa keessatti jechoota biraatiin kan bakka bu'amu danda'u yemmuu ta'u, akka fakkeenyaatti yemmuu ilaallu naannawa ummatni Sikkoo mandoo bal'inaan keessa jiraatutti 'Jigii' jedhamee beekama.

Maqaa gara garaa qabaatus garuu hiikaasaatiin walqabatee garaa garummaan tokkollee akka hinjirre ifaadha. Nama balaa uumamaatiinis ta'e namtolcheetiin manni keessa jiraatu jalaa miidhame tokko hawaasa naannawicha jiraatu hunda daboo ykn jigii kadhachuudhaan akka manicha deebisanii ijaaraniif taasifama.

Namichi mannisaa sababoota garaa garaatiin jalaa diigame sun hanga fedhe maallaqa mana sana ittiin ijaarsisu qabaatus, hawaasa naannawa sanaa jigii kadhachuun akka dirqamaatti ilaalama. Akkuma "Loon hanga fedhan qabaataniif cidha kophaa hingodhatan" jedhamu, namni mannisaa rooba cimaadhaan jalaa jige, bubbeedhaan citaan yookiin margi irraa fudhatame kamuu daboo kadhachuu ykn ummanni naannawichaa rakkoo isarra ga'e hubachuudhaan walgurmeessee itti bahanii gargaaruun dirqama.

Daboon ykn Jigiiin akaakuuwwan lama kan qabu yemmuu ta'u, innis jigii harka namarra kaa'atan (dabareedhaan walgargaaranii) fi jigii dabaree hinqabne ykn jigii gaafa rakkoon tasaa namarra ga'u namasanarra harka kaa'achuuf osoo hintaane, nama balaan ykn rakkoon tasaa irra gahe sana gargaaruuf dirqamni sabummaa, ollummaafi gosummaa namarratti dirqama taasisuudha.

Waa'ee Daboo ykn Jigii kana kutaalee Oromiyaa hunda keessatti namni hin beekne waan hinjirreef kana caalaa ibsuuf yaaluun beekumsa hawaasaa tuffachuu waan fakkaatuuf asumaan gara sababa waan kana kaafneetti ce'uun barbaachisaa ta'a.

Aadaa ofittummaafi hammayyumaadhaan daheeffatee qaqaal'achaafi iddoowwan heddutti laafaa jiru kana dhiheenya dargaggootni Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yemmuu Daboo walitti bahanii midhaan rooba jalaa ittifunaanan agarree callisnee bira hindabarre. Itti goruudhaan waan aadaa walgargaarsaa abbootni dur ittiin walii birmachaa turan kanatti isaan deebise gaafannee isinii qooduuf filanne.

Roobni ganna bara darbee gahaa waan tureef omishoota muraasaan ala omishni baranaa haala gaariidhaan kan ga'e ta'uu kan dubbatu dargaggoota daboodhaan osoo boqqolloo cabsan agarre keessaa



tokko kan ta'e Nuuruu Guddataati. Akka fakkeenyaatti boqqolloofi xaafiin omisha barana naannawasaaniitti haala gaarii ta'een gaheefi ummannis callaa garii argachuuf abdi irratti gatedha jedha dargaggootni kun.

Akka yaada dargaggoo kanaatti; akka carraa ta'ee roobni waqtiisaa hineegganee yeroo sassaabbii midhaanii kanatti waan roobaa jiruuf midhaan callaa gaarii argamsiisa jedhamee abdatame akka hinballeessineef aadaa walgargaarsaa Jigii jedhamuun dabaree walitti bahanii walii birmachaa jiru. Namni dabareen duraa kennamuuf kan midhaansaa sirriitti gahee roobaan jalaa baduu danda'uuf kennama.

Kana jechuun fakkeenyaaf boqqolloo yoo fudhanne kan walduraa booda ga'utu jira. Kan walduraa duuba ga'u kun immoo kan gogus haaluma walduraa duubasaatiini. Kana waan ta'eef daboo kanarratti namni carraa dursaa argatu kan midhaansaa dura ga'eefi carraan roobaan baduusaas olaanaa ta'eefi.

Haaluma sanaan kan itti aansuudhaan itti birmatamus kan midhaansaa ittaanee gaheefi carraan roobaan baduusaas ittaansuun olaanaa ta'eef birmannaan taasifama jechuudha. Kana waan ta'eef gaafa sana oyiruu dargaggoo Ibsaa jigiiidhaan itti yaanee boqqolloo cabsaa jirra jechuun nutti hime.

Bokkaan yeroosaa hineeggatin roobuu jalqabuusaatiin manneen barnootaa aanicha keessa jiran torbaan tokkoof cufamuusaaniitiin carraa jigii obboloosaatti bahuu argachuu kan himu immoo Dargaggoo Nasruu Qawweeti.

Midhaan gahe yoo sirnaan walitti qabamee manatti hingalle waan barbaachisu guuttatanii barachuunuu ulfaataa ta'uus

nidubbata.

Akka yaadasaatti; gaafa nutti agarre sana (torban darbe) namni ani Jigii itti bahee boqqolloo haamaafi cabsaafi jiru kun Ibsaa Hajjiiti. Boqqolloonsaanii kan dura faca'e waan ta'eef dursee kan ga'eedhas. Boqqolloon dursee ga'e bokkaa yeroo ammaa roobaa jiruun miidhamuuf carraa bal'aa waan qabuuf dargaggootni naannawichaa hundi carraa duraa kennaniifi midhaansaa walitti qabaa jiru.

Aadaan akkanaa hojii walii salphisuu qofaaf osoo hintaane, aadaa waliin jireenyaa gabbisuudhaan hariiroo hawaasummaas kan cimsuudha. Dargaggootni hedduun asitti agartu irra jireessaan hiriyoota waan ta'aniif taphachaa, walitti qoosaafi kolfaa hojjanna. Yoo akkas ta'e miirri dadhabbi namatti dhaga'amu hinjiraatu. Inumaayyuu akka bashannanaatti walbooharsaa hojjanna.

Akkuman dura sitti himetti jigii ani har'a boqqolloo haamaafi cabsaa itti bahe gurbaan kun kan naa deebisu ani barana kanin qabu boqqolloo osoo hintaane xaafi qofa waan ta'eefi. Innis dargaggoota biraa waliin ta'uudhaan gaafa xaafiinkoo haamamu natti bahanii na gargaaru jechuudha.

Mootummaan dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennee torban tokkoof barnootni cufamee barattootni hundi gara maatiitti deebi'anii sanyii gahe walitti qabuudhaan roobni akka hinballeessine taasifamuun waan nama gammachiisu ta'uus dargaggeessi kun ni hima.

Osoo dargaggootni kunniin jigii itti bahanii boqqolloo gahe haamuufi cabsuu baatanii hojjataa maallaqaan mindeessinee hojjachiisuufis bokkaan roobaa jiru kan

yeroo namaaf hinkennine waan ta'eef boqqolloon akka gaaritti gahe kun roobaan miidhamuunsaa hinoolu kan jedhu ammoo Abbaa jigii guyyaa sanaa kan ta'e Dargaggoo Ibsaa Hajjiiti.

Aadaan boonsaafi gaafa rakkooti akka waldhaqqabaniif Oromoon ganama lafa kaa'ate sun har'a salphina guddaa jalaa isa oolchuu dubbata.

Akka yaadasaatti; dargaggootni har'aa aadaafi duudhaa Oromoo kunuunfachuudhaan har'a ofisaaniitiif ittifayyadamanii warra boodaa dhufaniifis dabarsuuf dirqama guddaa fudhachuu qabu. Teknolojiiwwan hammayyaa kan aadaalee kanneen nuuf gabbisuu danda'an malee kan aadaawwan walgargaarsaa kanniin balleessanii miira kopummaa dagaagsan ta'uu hinqaban.

Dargaggoota sassaabbii omisha boqqolloo kanarratti na gargaaraa jiran osoo ilaaltee, isaan kaan kan omisha qabaniifi dabareesani eeggee anis itti birmadhu yemmuu ta'an, warri kaan kanneen miira obbolummaafi hiriyummaa qofaan birmataniidha jedha.

Dargaggeessi jigiiirratti bobba'an kan marsariitii hawaasaa kanneen akka feebuukiifi tiktokiirratti yeroosaa gubaa oolu osoo hintaane, kan gaafa rakkoon tasaa akkanaa dhufus walcinaa dhaabbachuu danda'u ta'uunsaa hedduu kan nama boonsuudha.

Walumaagalatti; aadaawwan walgargaarsaa sabichi ganamaa eegalee ittifayyadamaa tureefi jiru dargaggoota har'aatiinis ittifufuunsaa kan abdi namatti horu waan ta'eef jajjabeeffamuu qabaan dhaamsa keenya.

Abbaa Sa'aa



Kan facaasne haamaa jirra

Waasihun Takileetiin

Warraaqsa dinagdee guutuu Oromiyaatti adeemsifamaa jiru milkeessuu keessatti misoomni qamadii bonaafi gannaa daran saffisaa kan jiru yoo ta'u, Oromiyaarra darbee seenaa Itoophiyaa haarsuu kan danda'udha jedhameefiira.

Kana daran milkeessuufis toora xiyyeeffannoo misooma qamadiif taa'een hojiin kilaastaraan qamadii omishuu yeroorraa yerootti dabalaa kan jiru yoo ta'u, sadarkaa alergiiira gahuun danda'ameera.

Sanuu Itoophiyaan raafama siyaasaa, koronaafi qaala'insa jireenyaatiin qoramaa miira nidanda'amaa mootummaan qabatee ka'een qamadiin alaa galu hafuu danda'eera. Kanamalees warraaqsa dinagdee akka Oromiyaatti jalqabame milkeessuuf misoomni omisha qamadii hojiitti seename gabaa alergiiifillee akka gahu ta'eera.

Tibbana jilli Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaatiin durfamu Godina Arsii Lixaa, Aanaa Gadab Asaasaatti qamadii kilaastaraan misooma sassaabbii kan eegalchiisan yoo ta'u, sochichi seenaa Itoophiyaa kan haarsuudha jedhaniiru.

Itoophiyaan sarara hiyyummaa qamadii itti kadhattu keessaa baatee sadarkaa gabaa alergiiif dhiyeessuurra gahuu himanii, keessumaa Oromiyaatti xiyyeeffannoo kennameen milkaa'inni guddaan argamuu kaasaniiiru.

Warraaqsi dinagdee misooma qamadii kilaastaraan omishamaa jiru kana bu'aadhaanis olkaasuuf deeggarsi dhiyeessiiwwan qonnaafi meeshaalee teknolojiin makaanaayzeeshinii qonnaa akka raabsamaniin jijjiiramoonni olaanaa galmaa'aniiru.

Kessumaa eeggattummaa roobaa hambisuuf dhiyeessii paampii gaggeessuu, teknolojiin tiraakteraan qotuu babal'isuuf dhiyeessii tiraakteraa gaggeessuu, qisaasa'ina callaa wayita sassaabamu mudatu maqsuuf kombaayinara dhiyeessuun omishaa fi omishtummaa dachaan dabaluuif hojjetamaa tureera.

Akka ibsasaaniitti kombaayinaroonni dhibba lamaa ol haamaa qamadii kanarratti bobba'uun sassaabbii callaa gaggeessaa kan jiran yoo ta'u, omishni kan bara darbee caalutu eegama.

Kombaayinaroonni amma jiran gahaa waan hintaaneeff komiin qonnaan bultoota biraa ka'u sirrii ta'uu kan kaasan Obbo Shimallis, akkuma mootummaan humna qabuun hojjetaa jiru dhaabbileen dhuunfaa, abbootiin qabeenyaas dhimma kanarratti hojjechuu akka qaban kallattii kaa'aniiru.

Callaan guddachuu jechuun hunduu guddachuu waan ta'eef dhimmi misooma qonnaa qonnaan bulaaf ykn sektara qonnaa qofaaf kan dhiifamu osoo hintaane dhimma hunda hirmaachisu waan ta'eef tumsi abbootii qabeenyaa murteessaa ta'uu kaasaniiiru.



Abiyi Ahmad (PhD)

Jalqabbii amma jiruun biyyi keenya qormaatawwan gara garaa keessa taatee qamadii alergiiif oolchuunshee daran kan nama jajjabeessuudha jedhanii, hudhaaleen jiran osoo furamanii diina ummataa, hiyyummaa seenaa gochuun akka danda'amu agarsiistuu guddaadha jechuun eeraniiru.

Ittifayyadamni teknolojiin qonnaa babal'achuun dhamaatii qonnaan bulaa kan hambisu qisaasa'ina omishaa kan maqsuufi callaan dachaan akka dabaluuif taasisu waan ta'eef barana galii olaanaa misooma omisha qamadiirraa eegama.

Kanaan dura hirkattummaa roobaarratti hunda'uurrara kan ka'e waggaatti yeroo tokko waan omishamuuf galiin callaa gadi bu'aa kan ture yoo ta'u, amma aadaa jallsii babal'isuun waggatti lama omishuun bu'aa gaariin argamaa jira.

Lafti ciisaa Aanaa Sabbataa Hawaas misooma qamadiif mijataa ta'us laga Awaashiin walqabatee ganna gannarratti omishuu mitii naannawicha jiraachuunuu balaa ture, amma garuu jallsiiif oolchuun nama nyaachuura gara irraa nyaachuutti cehuun danda'ameera.

Isa kanas teknolojiin deeggaranii bonaafi ganna misoomaaf oolchuuf xiyyeeffannoo kennamee qoratamaa jiraachuu Obbo Shimallis kaasaniiiru.

Keessumaa sagantaa jalqabsiisa facaasaa qamadii bonee Aanaa Sabbataa Hawaasitti gaggeeffameen lafti hektaarii heddu qamadiidhaan kan uwwifame yoo ta'u, aadaan misooma qamadii bonee cimuu qonnaan bulaan dinagdeedhaan akka of ijaaru toorri xiyyeeffannoo qamadii alaa galchuu hambisuufi alatti erguu akka milkaa'u taasifamaa jira.

Gama misooma qamadiitiin Oromiyaan dursaa kan jirtu yoo ta'u, alergiiif oolchuu keessattis sadarkaa jalqabaarra jirti. Waggaatti yeroo lama qofa omishuun gahaa waan hintaaneeff teknolojiin makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa babal'isuun fuuldurattis cimee kan itti fufu ta'uu ibsaniiru.

Oromiyaan dinagdeen caaltee argamuuf omisha qamadiin ala omishaalee akka ruuzii, avokaadoofi bunarratti xiyyeeffannoo kennamee



Obbo Shimallis Abdiisaa

hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, gama kanaan galii abdachiisaan galmaa'uu danda'eera.

Addumatti misooma avokaadoo yeroo ammaa gaggeeffamaa jiruun bu'aa jajjabeessaan galmaa'aa kan jiru yoo ta'u, qonnaan bultoonnis toora xiyyeeffannoo kaa'ame hordofuun kanamalees hordoffiifi deeggarsa gama kanaan taasifamaa jiruun fayyadamoo ta'aa jiru.

Gama misooma dammaatiinis xiyyeeffannoo kennamee hojjetamaa jiraachuullee yadachiisanii, tarkaanfiwwan omishaafi omishtummaa dachaan dabaluuif akka Oromiyaatti fudhatamaa jiran warraaqsa dinagdee badhaadhinni naannichaafi biyyaa itti mirkanaa'uuf galtee guddaa ta'ani kan tajaajilanidha.

Mul'anniifi maniin keenya Oromiyaafi Itoophiyaa badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuu yoo ta'u, kun akka milkaa'uuf dhimmi misooma qonnaa dhimma kooti jennee itti seennee hojjechuu qabna jedhan Obbo Shimallis.

Ittifayyadamni teknolojiin qonna ammayyaa, makaanaayzeeshiniin qonnaa, aadaan jallsiiifi waggaatti yeroo lamaa ol omishuu cimuuun dirqama yeroon barbaaduudhaa jedhan.

Akkuma mootummaanis humna guutuun hojjetu dhaabbileen dhuunfaafi mit-mootummaas aantummaan deeggarsa barbaachisu taasisuun ofis biyyasaaniis fayyaduu akka qaban dhaamaniiru.

Sadarkaa biyyaattis fudhannee yoo ilaalle Itoophiyaan qormaatawwan kanneen akka waraanaa, korona, qaala'insa jireenyaafi balaa uumamaa (hongee) keessatti guddina dinagdee dabaltee argamuunshee kan nama jajjabeessuudha jedhan Ministirii Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad.

Doktor Abiyi gaaffii tibbana miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataarraa dhiyaateef oggaa ibsaafi yaada kennan akka jedhanitti, Itoophiyaan qormaatawwan gara garaatiin marfamtee guddinni dinagdeeshii dachaadhaan dabaleera.

Kun bu'aa gama misooma qonnaatiin xiyyeeffannoo kennamee irratti hojjetamaa tureefi jiru yoo ta'u, wayita aangootti dhufan

guddinni dinagdee biyyattii doolaara biliyoona 84 ture gara biliyoona 164tti ol guddachuus kaasaniiiru.

Daataan kun mootummaa Itoophiyaatiin kan ibsame osoo hintaane gabaasa 'IMF' baaseen kan ragga'eedha. Kanarraa kan ka'e Itoophiyaan biyyoota guddinarra jiran keessaa ishee dursaa jirtuudha jechuun ni danda'ama.

Omishaafi omishtummaan keenya dachaan akka dabaluuif toorri xiyyeeffannoo misooma qonnaatiif kenname gama indastiriifis kennamuu akka qabu kallattii kaa'aniiru.

Itoophiyaan qabeenya uumamaasheetti haalaan fayyadamtee jennaan hudhan dinagdee biyyattii yeroo itti hiikamu fagoo hinta'u jedhaniiru.

Misooma naannawa lageenii, Magaalaa Finfinnee iftee akka mul'atuufi wiirtuu hawwata turistii akka taatuuf hojiin eegalame jajjabeessaa ta'uullee kaasanii, waggoota kudhan keessatti bu'aansaa mul'achuuf akka jiru ibsaniiru.

Baankiin Biyyaaleessaa rifoormii haaraa gaggeessaa jiruun tajaajila liqaa dhaabbilee dhuunfaa warraaqsa dinagdeefis haala kan mijeesu ta'uus ibsaniiru. Gama omishaafi omishtummaa bunaatiin walqabatee rakkoo daldaltooni seeraan alaa uumaniin gabaan bunaa rakkoo keessaa seeneera jedhan.

Dhimmi kun xiyyeeffannoo kan barbaadu waan ta'eef irratti hojjetamuu qaba. Bunni dinagdee biyyaa caalaatti jabeessuu keessatti bakka olaanaa qabu alseerotaan sakaalamee galii biyyaa maseensaa jira.

Kun furmaata warraa akka argatuuf omishtootatti gadi bu'ani hojjechuun hordoffiifi deeggarsa barbaachisu taasisuun dhimmoota ijoo dagatamuu hinqabneedha. Omishtoota caalaa omisha bunaarraa fayyadamaa ta'aa kan jiru daldaloota seeraan alaa ta'uun yeroorraa yerootti komiin ka'aa tureera.

Komiin fedhii gabaan buna Itoophiyaa barbaadani akka gadi bu'u kan taasisu, kanamalees daldaloota ulaagaa guutanii hojjetan gaba keessaa kan baasu waan ta'eef dhimma salphaatti ilaalamu ta'uu hinqabu.

Walumaagalatti Itoophiyaan biyya qormaatawwan gara garaatiin marfamtee jirtu taatee osoo rakkinaaf harka hinkenniin guddina dinagdee dachaan dabalaa biyyoota guddinarra jiraniifi milkaa'ina gaariirra jiran keessaa ishee tokko yoo taatu, yeroo ammaattis kan facaaste haamaa kan qotame facaasaa omishaafi omishtummaashii dabalaa jirti.

Warraaqsa dinagdee qabamee dhugoomsuun badhaadhinnee mirkaneessuuf ittifayyadamni makaanaayzeeshinii qonna ammayyaa babal'achuun aadaan jallsii cimuu misoomni kilaastaraa dachaan dabaluu omishaafi omishtummaan keenya qamadiin ala buna, damma, avokaadoofi ruuzii fa'iinis daran cimee wabii midhaan nyaataan of danda'uurrara darbee sharafa alaa argamsiisuuf waliin hojjechuun murteessaadha.

Ilaamee...

Raawwii karoora xiiqii Biiroo Qonnaa Oromiyaa kan bara 2015/16

- Omishni ga'e dafee akka sassaabamuuf hojjetamaa jira

Saamraawiit Girmaatiin

Bara bajataa kana mootummaan naannoo Oromiyaa karoora xiiqii jedhee qabachuun hojiitti seenuusaa ni beekama. Kanaanis yeroon boqonnaa raawwii jalqabaa xumuramee kurmaanni lammaffaan walakkeeffameera.

Seektaroota karoora xiiqii bal'aa qabachuun hojiitti seenan keessaa qonni isa ijoo yoo ta'u, keessumaa wayita ammaa rooba yeroo malee roobaa jiruun walqabatee midhaan sassaabuuf karoorfamee qisaasama tokko malee akka raawwatamuuf Biiroo Qonnaa Oromiyaa (BQO) sochii cimaa taasisaa jira.

Hojiilee bara bajataa 2015/16 raawwatamaniif kanneen raawwatamuu qaban, akkasumas akka omishni roobaan hinmiidhamneef ofeeggannoowwan taasifamuu qabaniin walqabatee hogganaan BQO Wiixata darbe waajjirasaaniitti miidiyaaf ibsa kennaniiru; nutis akka maxxansaaf ta'utti qindeessineerra.

Qonna gannaa bara omisha 2015/16

Bara omishaa kanatti lafa hektaara miliyoona 8.2 misoomsuuf karoorafamee hektaarii miliyoona 9.4 karoora ol misoomera. Kana keessaas lafti hektaarii miliyoona 6.6 ta'u kilaastaraan kan misooma yoo ta'u, waliigala lafa misooma kanarraa omisha kuntaala miliyoona 265 ol argachuuf yaadameera. Hanga yoonas lafa hektaarii miliyoona 3.7 sassaabbiif ga'e keessaa, heektaara miliyoona 3.2 irraa sassaabamuun omishni kuntaala miliyoona 37.8 walitti qabameera.

Wayita kanas roobni yeroosaa hineegne roobaa waan jiruuf hawaasni omisha sassaabbiif qaqqabe maloota sassaabbiif omishaa, daboo/jigiifi makaanaayizeeshinii qonnaatti gargaaramuun saffisaafi qulqullinaan sassaabuu barbaachisa. Qaamoleen hawaasaa sassaabbiif midhaaniiratti karaa danda'amu hundaan hirmaachuufi omisha sassaabame sirnaan tuuluu/kuusuu qabu.

Qonna arfaasaa

Kanaanis lafa hektaara miliyoona 1.2 misoomsuuf qabamee karoora ol milkaa'eera. Omisha kuntaala miliyoona 21 sassaabuuf yaadamee miliyoonna 25.9 argameera. Kuduraafi midhaan hiddaa lafa hektaara kuma 155,089 misoomsuun omishni kuntaalli miliyoona 23.27 sassaabameera.

Raawwii inisheetivootaa

Waggoota afran/shanan as hojiileen inisheetiivii qonnaan hojjetaman dabalaa dhufaniiru. Haaluma kanaan bara 2015/16tti qamadii lafa hektaara miliyoona 2.2 irratti misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 81.6 argachuuf karoorfamee, karoora ol lafa hektaara miliyoona 2.4 misoomuun sassaabamaa jira.

Misooma qamadii bonaatiinis lafa hektaara miliyoona 2.6 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 105.8 argachuuf karoorfamee hanga ragaan kun qindaa'etti lafti hektaarii miliyoona 1.6 qotamuun hektaarii kuma



Obbo Geetuu Gammachuu

863 ol faca'eera.

Raawwiin facaasaa qamadii bonaa baranaa kan waggaa darbee yona kanaa waliin yoo madaalamu raawwiin dachaa galmaa'uufi ammas jiidhinsaafi rooba amma jiru akka carraattuu gargaaramuun qophii lafaafi facaasaa gaggeessuun barbaachisaadha.

Hojiin inisheetiivii qabame biraan misooma garbuu biiraati. Kanaanis lafa hektaara kuma 250 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 10.9 argachuuf karoorfamee lafti hektaara kuma 314fi 564 (%100) ol misooma sassaabamaa jira. Misooma Ruuziitiinis lafa hektaara miliyoona tokko qotuun omisha kuntaala miliyoona 44.2 argachuuf karoorfamee hektaara miliyoona tokkoo ol misoomsuun sassaabamaa jira.

Misooma boqqoollootiin ammoo lafa hektaara miliyoona 1.7 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 76.6 argachuuf karoorfamee karoora ol misoomsuun sassaabamaa jira. Lafa hektaara kuma 800 irrattis boloqqee misoomsuun omisha kuntaala. 10.1 ol argachuuf karoorfamee hektaarii kuma 929 karoora ol misoomera.

Misooma atara gabbataatiin lafa hektaara kuma 600 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 10.6 caalu argachuuf karoorfamee, lafti hektaara kuma 527 (%88) misoomera. Kana malees, misooma maashoo lafa hektaara kuma 300 qotuun omisha kuntaala miliyoona 1.9 argachuuf karoorfamee lafti hektaara kuma 204 (%68) misoomera.

Kanneen malees lafa hektaara kuma 200 irratti ocholoonii misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 2.7 argachuuf karoorfamee hektaara kuma 244 karoora ol misoomera. Misooma saaliixiitiinis lafa hektaara kuma 500 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 4.1 argachuuf karoorfamee hektaarii kuma 340 (%68) misoomera. Misoomni suufiis lafa hektaara kuma 200 misoomsuun omisha kuntaala miliyoona 1.5 argachuuf karoorfamee hektaarii kuma 63 (%32) misoomera.

30 bara 2016tti biqiltuu biliyoona 4.6 kunuunsuuf karoorfamee, biqiltuun biliyoona 4.326 (%94) lafa hektaara miliyoona 1.13 irratti hawaasa miliyoona 12.8 ol hirmaachisuun kunuunsi biqiltuu gaggeeffamee jira.

Kibxata darbe Sadaasa 11 bara 2016 irraa eegalees qaamoleen hawaasaa hundi biqiltuu ganna darbe dhaaban tokkummaan bahuun duulaan akka kunuunsuu jalqabaniif waamichi dhihaatee hojiitti seenameera.

Sagantaa dhaabbii biqiltuu Ashaaraa Magariisaa bara 2016tti qophiin barbaachisu taasifamuu jalqabuufi sanyii bosonaa akaakuuwwan adda addaa kuntaala kuma 12fi 173 qopheessuuf karoorfamee hanga yoonaa kuntaala kuma afuriifi 502 (%37) kan qophaa'e yommuu tahu, ji'oota lamaan hafanitti karoorri qabame ni raawwatama.

Bara 2016 biqiltuu akaakuuwwan adda addaa biliyoona 5.5 qopheessuun biliyoona 4.95 dhaabuuf karoorfamee hojjetamaa kan jiru yommuu ta'u, biqiltuun bal'inaan qophaa'aa jiraatus, hanga yoonatti kan lakkoofsaaf qaqqabe biqiltuu kuma 343 (%6) yoo ta'u, yeroo hafetti karoorri qabame ni raawwatama.

Walumaagalatti bara karoora qabame kanatti hojiilee jajjabeessoofi bu'aqabeessi kan raawwataman yoo ta'u, kanneen raawwiinsanii gadaanaa fakkaatanis yeroowwan hafanitti milkeessuuf humna guutuun hojiitti kan seenamu ta'a.

Waantaa hojii baranaatti danqaa ta'uu malan keessaas sababa jijjiirama qilleensaa elniinootiin roobni ammaan tana bakkeewwan hedduutti roobaa jiru omisha sassaabame akka hinmiineef xiyyeeffannaa addaatiin hojjetamaa jiraachuu Obbo Geetuun ni himu.

Raagni meetiworolojiis roobni kun hanga arfaasatti waan ittufufuu danda'uu qonnaan bulaan keessumaa bishaan oyiruu keessatti kuufamee akka omisha hinmiineef bo'oo baasuun cabsuu, akkasumas aadaa hojii qabuun walgargaaree, bakka komobaayinarii jirutti teknolojiin gargaaramee miidhaan oyiruurraa saffisaan sassaabamuu akka qabu dhaamu.

Hojiin kun hojii walta'iinsaa ta'uu hubachuunis Biiroo Barnootaa Oromiyaas barattoonni Sadaasa 11 bara 2016 hanga 15/2016tti midhaan sassaabuuf gara maatiitti akka deebi'an murteessuun barattoonni kutaa 5ffaa ol jiran kanneen naannawa midhaan sabsiif gahe jiraatan gara maatiitti akka deebi'an taasiseera.

Biirichis waqtiin kun yeroo sabsii tahuufi roobni waqtiin ala roobaa jiraachuu ibsee, qisaasama midhaanii uumamuu malu hambisuuf barattoonni naannawa midhaan bilchaate jiraatan gara maatiisaaniitti deebi'uun midhaan akka sassaaban murteessuu ibseera. Manneen barnootaas kana hubachuun barattoonni mana barnootaatti wayita deebi'an wayitii barnootaa sababa kanaan qisaasa'e sirnaan bakka buusuu akka qaban dhaameera.

Sassaabbiif omisha bunaa walqabatee bunaa qulqullina isaa eeguun kuntaala miliyoona 11.9 walitti qabuuf karoorfamee hanga ammaatti kuntaalli miliyoona 1.24 sassaabameera. Buna bilchaatee sassaabbiif gahe xiyyeeffannoo olaanaadhaan walitti qabuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira. Mi'eessituus kuntaala miliyoona 5.8. sassaabuuf karoorfamee kuntaalli miliyoona 1.72 raawwatameera.

Gama misooma muduraatiinis muduraalee sanyii filatamaa avokaadoo, paappayee, appilii, muuziifi kkf kilaastaraan misoomsuun yeroo ammaa avokaadoofi muuzii gabaa alaatiif dhiheessuun jalqabameera.

Oromiyaa galaana dammaa taasisuuf inisheetiivii qabame keessaas omishni dammaa isa ijoo yoo ta'u, kanaafis gaagura ammayyaa miliyoona tokko raabsuuf karoorfamee hanga ammaatti gaagurri kumni 217 rabsameera.

Omisha aannanii dabaluuuf barana hojiin loon sanyii fooyya'oo mala namaan diqaalomsuu xiyyeeffannaa addaa kennuun kan hojjetame yoo ta'u, kanaanis loon miliyoona 1.5 diqaalomsuuf karoorfamee hanga ammaatti loon kuma 780 ol diqaalomfamaniiru. Misooma lukkuutiinis cuucii guyyaa tokkoo miliyoona 20 raabsuuf karoorfamee hanga ammaatti miliyoonna 11.3 raawwatameera.

Qaala'ina gatii xaa'oo mudate dandamachuuf akkasumas gabbinaafi fooyya'iinsa biyyee eeguuf barana xaa'oo uumamaa kompostiiratti xiyyeeffannoon hojjetamaa jiruun kompostii idilee meetirkuubii miliyoona 150 qopheessuuf karoorfamee meetirkuubiin miliyoonna 88.9 qophaa'eera. Kompostii raammoo kuntaala miliyoona 2.4 qopheessuuf karoorfamee kuntaala kumni 779 hanga ammaatti qophaa'eera.

Kunuunsa biqiltuu ashaaraa magariisaa

Bara 2016 kunuunsa biqiltuu ashaaraa magariisaa marsaa 1ffaa hanga Onkoloolessa



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun torbanitti kan dhiyaatuudha

Qorannaa Armaawar dhibeewwan daddarboo hintaanerratti gaggeesse addunyaaf galteedha

Waasihun Takileetiin

Umriisaa ganna 51 keessatti bu'aalee qorannoofi qo'annoo rakkoo fayyaa hiikuu danda'an hojjechuun sadarkaa addunyaatti beekamtii kan horate Armaawar abdi fayyaa hawaasaa ta'uu ittifuera. Dhibeewwan daddarboo hintaane qoricha fayyisuu danda'u haa qabaatan malee, akka biyyaatti miidhaa guddaa qaqqabsiisaa jiru.

Qorannaa gama kanaan taasifameen dhibeewwan akka kaansariifi sukkaaraa kan walutubuun dhibee hammeessan ta'uu, akkamiin namoota akka qaban, ittifayyadama dawaaleesaaniifi walittidhufeenya isaan gidduu jiru adda baasuufi to'achuuf qorannaan Armaawar keessatti gaggeeffamaa jiru adda.

Qorannaafi qo'annaa hedduu Armaawar gama fayyaatiin taasisaa ture keessaa argannoowwan rakkoo fayyaa hiikuu danda'an 900 ol barruulee sadarkaa addunyaatti beekamtii qaban irratti maxxansiisuu danda'eera.

Waggaa tokko keessatti qorannoowwan 60 ol barruulee qorannoo kanarratti kan maxxanfaman yoo ta'u, dhaabbilee fayyaa biyya keessaafi alaa jiran waliin ta'uun damee

fayyaarratti hojii boonsaa hojjachaa jira. Biyyoonni akka Noorweey fi Ameerikaa gama dhaabbaticha waliin hojjachuutiin kanneen fakkeenyummaadhaan eeramaniidha.

Hojii qorannaa fayyaa gama kanaan dhibeele gara garaa daddarboo hintaaneeff walitti hidhaminsa dhibee biraa wajjin qaban maal akka ta'e hojiin adda baasuu hojjetameera.

dhaabbatichi bu'aalee qorannoo sadarkaa addunyaatti beekamtii qaban kanneen wayita argatu akka salphaatti osoo hintaane bu'aa bahii hedduu keessa darbuun ta'uu Daariktarii Ittaanaan Inistitiyuutii Armaawar Hansan Doktor Alamsaggad Abdiisaa ni dubbatu.

Qorannoofi qo'annoo fayyaa gama kanaan taasifamaa jiru deeggaruun walqabatee deeggarsi mootummoonni akka Siwiidiniifi Noorweey taasisaa jiran kan dagatamu miti.

Kanamalees Armaawar hirkattummaa tokko malee mataasaa danda'ee hojii qorannoofi qo'annoo rakkoo fayyaa hawaasaa hiikuu danda'an gaggeessuu akka danda'uuf deeggarsi mootummaan Itoophiyaa taasisaafi jirus olaanaadha.

Inistitiyuutichi yeroo ammaatti muuxannoo horatetti fayyadamuun hudhaalee jiran furaa ogeeyyota mataasaa qorannoofi qo'annoo

gaggeessuu danda'an horachaas jira.

Ogeeyyota ofiin rakkoo fayyaa ofii furachuu aadeffachaa deemuun miira ofitti amanamummaa biyyaa kan dabaluu, beekamtii biyyi ofii sadarkaa addunyaatti qabdu kan beeksisuudha.

Itoophiyaan biyya guddinarra jirtu, dinagdeedhaan duubatti haftuu taatus ga'umsaafi dandeettii qabdu barnootaan utubuun rakkoooshee ofii furachuu hojii godhataa jirti. Kunimmoo injifannoo guddaadha.

Hojiisaa dhibee juuzamiirratti tokko jedhee kan jalqabe Armaawar, damee qorannoosaa babal'ifachuun kanneen farra fayyaa dhala namaa ta'an kan akka busaa, kaansarii, 'TB', gogaafa'irratti fayyaa hawaasaa mirkaneessuuf aantummaan hojjetaa jira.

Kanamalees qorannaa dhibeewwan fayyaa hawaasaa hubaniin ala meeshaalee yaala fayyaa gatii salphaadhaan biyyuma keessatti kalaquun tajaajilaaf oolchuunis akka danda'amu agarsiisaa jira.

Ogeeyyonni meeshaalee yaalaa ammayyaa biyya keessatti kalaqaa jiran kanneen inistitiyuutichatti leenjii argatan yemmuu ta'u, yunivarsiitiwwan mootummaatti

damee fayyaarratti kan hojjetan ta'uunsanii Itoophiyaa kan boonsuudha.

Sababnisaas jalqabbichi qorattootatti ofitti amanamummaa kan horuufi miira nidanda'amaa qabatamaan kan mul'isaa jiru waan ta'eef ni jajjabeeffama jechuudha.

Sochiin kun deeggarsa maallaqaa kan gaafatu waan ta'eef inistitiyuutichi qorattoota bu'aa qorannoo qabatamaan rakkoo fayyaa hawaasaa hiikuu danda'an adda baasuun deeggarsa faayinaansii taasisuufiin sochichi akka cimuu gochaas jira.

Yeroo ammaattis bu'aaleen qorannoo rakkoo fayyaa hiikuu danda'aniifi jajjabeessaa ta'an galmaa'aa kan jiran yoo ta'u, kunis waan daran nama boonsuudha.

Qorannaaniifi qo'annaa rakkoo fayyaa hawaasaarratti gaggeeffamaa jiru fuuldurattillee cimee kan irratti hojjetamuu qabuudha kan jedhan Doktor Alamsaggad, hayyoonni bu'aa qorannoo rakkoo fayyaa hiikuu danda'u of harkaa qaban hirmaachuu akka qabanis waamicha taasisaanii, hawaasa fayyaa buleessa horachuuf hunduu tumsuu akka qabus Armaawar Hansan gaachanni fayyaa hawaasaa ni beeksisa.

Inistitiyuutiin Qorannaa Armaawar Hansan (AHRI) Daandii Jimmaa, seensa Hospitaala Alartitti argama.

Lakkoofsa Saanduqa Poostaa 1005 Lakkoofsi Bilbilaa +251 113483752

Imeelii:Info @ahari.gov.et

Marsariitii: www.ahari.gov.et



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Yunivarsiitii Bulee Horaatiin ji'atti al-tokko kan dhiyaatuudha

Hospitaala barsiisummaa Yuunivarsiitii Bulee Horaatti dhaabbileen 'KOICAFI UNFPA' jedhaman daawwannaa Pirojektii taasisan

Dhaabbileen kunneen hospitaalichatti hojii hojjachuuf waliigaltee mallatteeffame bu'uureffatee pirojektii tajaajila fayyaatiif ijaarame daawwataniiiru.

Tajaajilli dhaabbileen kunneen hospitaalicha keessatti kennuuf waliigaltee hospitaalicha waliin mallatteessan tajaajila fayyaa haadhooliifi daa'immaanii yoo ta'u, keessattuu tajaajiloota akka yaala fayyaa gara garaa, tajaajila xiinsammuu, qulqullinaafi nagawummaasaanii, tajaajila seeraa, yaala riifariifi kunuunsa daa'i mmaaniiti.

Kana malees, tajaajiloota akka deeggarsa maashinoota yaalaa, baqaqsanii yaaluu, tajaajila




da'umsa duraafi da'umsaan boodaa kennuu kan danda'u ta'uu Doktor Saafayii Elemaa sadarkaa pirezidaantii ittaanaati hogganaan Inistitiyuutii fayyaafi hospitaalichaa ibsaniiru.

Hospitaala Barsiisummaa Bulee Horaatti xannachi kiiloo tokko ta'u morma dhukkubsattuu keessaa baafame

Dhukkubsattuun tun xannachaa waggaa shanii oliif mormasheerratti baachaa kan turte yoo ta'u, qorannoofi yaalii qorichaan taasifameen booda oppiraasiyooniin xannacha mormashee keessaa rakkoo tokko malee baasuun danda'ameera.

Hospitaalichatti dhukkubsattoota dhibeewwan garagaraatiin oppiraasiyoonii barbaadaniif ispeeshalistoota baqaqsanii yaaluu



ogeeyyii fayyaa waliin ta'uun hojiirra jiru. Kanaafuu ummanni kana hubatee carraa kanaan akka fayyadamu maanaajimantiin hospitaalichaa hubachiiseera.

Yuunivarsiitii Bulee Horaatti mariin ogeeyyii supparviizhiinii Ministeera Barnootarraa dhufaniin gaggeeffame

Yuunivarsiitii Bulee Horaatti mariin waa'ee dhimmoota gara garaa yuunivarsiiticharratti xiyyeeffate ogeeyyii supparviizhiinii Ministeera Barnootarraa dhufaniin gaggeeffame kun barattoota, barsiisotaafi hojjataa bulchiisa yuunivarsiitichaa kan hirmaachiseedha.

Ajandaawwan marichaa waa'ee keessoo yuunivarsiitichaa, keessattuu hanqinoota sirna bulchiisa gaarii, hojii baruu barsiisuurratti mul'atan adda baasuu, tajaajila barataa, muuxannoo addaa yuunivarsiitichi qabu adda baasuu, miirri tokkummaa jiraachuufi dhabuusaa adda baasuu, qulqullina barnootaaf rakkooleen



hudhaa ta'an adda baafamuun furmaata akka argatan taasisuudha.

Dabalataanis haala ittifayyadama faayinaansii, 'ICT' (digitalization system) irratti hanqinoota jiran adda baasuun irratti hojjachuun barbaachisaa akka ta'eefi rakkooleen yuunivarsiiticha keessa turuun hojii baruu barsiisuu irratti gufuu

ta'uu danda'an tokkummaan, waldhageettiin irratti hojjachuun barbaachisaa ta'uu marii kanarratti ibsameera.

Hirmaattonni marii kanaa yaada isaanii yeroo kennan gama qulqullina barnootaa ilaalchisee barattoota qorumsa ba'umsaatiif sirritti ga'oosuu akka barbaachisu yaada kennaniiru.

Dabalataanis haaldureewwan qophii qormaata ba'umsaa ilaalchisee laabaraatoriin akka sirratu, barnoonni qabatamaa (practical) cimee akka itti fufu dhaamsa hirmaattota kanniinii ture.

Dhimmoonni rakkoolee walii galaa

Yuunivarsiitii keessa jiruufi gaaffileen hirmaattotarraa ka'an tokko tokko supparvaayzaroota Ministeera Barnootarraa dhufaniin deebiin kan itti kenname yoo ta'u, dhimmoonni asitti deebii hinarganne sadarkaa ministeerichaatti deebiin akka itti kennamu himameera.

Ittifufisaan mariin tun qaamota hoggansa giddugaleessaafi olaanaa yuunivarsiitichaa waliin dhawataan kan gaggeeffamuufi mooraa yuunivarsiitii dhimmoonni hedduun bifa daawwannatiin adda baafamuu akka danda'u, keessummoonni supparviizhiinii gaggeessan kunniin himaniiru.

Oromiyaan hidha Laga Abbayyaatiif ...

ibsaniiru. Karoorri dhiyaates akka haala qabatamaa naannawaasaaniitti karoorfataniif akka hojiirra olchaniif kan gargaaru ta'uu hubachiisaniru.

Pirezidaantiin Yunivarsiitii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Doktor Garramu Hulluuqaa yaada kennaniin Hidhi Abbayyaa mallattoo

eenyummaa hunda keenyaa waan ta'eef hanga humni yunivarsiitii danda'etti himaannaa akka taasisan ibsaniiru. Godina Arsii Lixaatti Yuuniyeenii Utaa Waayyuu haaluma walfakkaatuun gumaachasaanii ibsaniiru.

Itoophiyaan potenshaala...

teknolojiwwan barbaachisoo fayyadamuun faayidaarra oolchuuf carraaqiin ni taasisama jedhaniiru.

Gama pilaastika caccabaa deebisaniif fayyadamuutiinis galteewwan hedduu omishuun akka danda'amu kaasanii, pilaastikoota rakkoo qulqullina naannawaa fidan dhabamsiisuufi hojii konistiraakshiniif oolchuun bu'aa dachaa argachuun akka danda'amus akeekaniiru.

Dhaabbata Maateriyaala Qabiyyee Basalt keessatti piromootarri teknoloojii Obbo Nabiiyyuu Nagaash gamasaaniitiin akka jedhanitti, dhaabbatni isaanii dhagaa gurraacharratti qorannoo taasisaa kan jiruufi qabeenya kana gara galteetti jijjiiruuf dhama'aa

jiruudha. Gatiin galtee kanaa gadaanaa ta'uunsaa fi jabinni inni qabu daran barbaadamaa isa taasisa. Biyya kana keessatti garuu qixa sirriin fayyadamuun waan hinjalqabamneef akka qabeenyaattuu ilaalamaa hinjiru.

Hundeessaafi Raawwachiisaa Hojii Olaanaan Giddugala Teknoloojii Adil Doktor Adil Tahabit Itoophiyaa keessatti pilaastikoota deebisaniif fayyadamuun raajii hojjechuun akka danda'amu eeranii, biyyittii keessatti, pilaastikoota toonii kuma 386 ol faayidaa ala ta'anii naannawa faalaa jiraachuu himu. Kana faayidaarra oolchuun danda'amnaan qabeenya guddaa ta'us himu.

"Balbala galaanaa qabaachuun Itoophiyaa..."

dinagdee waloo Afrikaanota cimsuurra darbee birmadummaa Afrikaanotaaf wabiidha. Itoophiyaan ulaa galaanaa qabaachuun guddina dinagidee saffisaa galmeessuun lakkoofsa godaantota Afrikaarraa Awurooppaatti taasifamu hir'isuufis shoora olaanaa qaba jedhu.

Akka ibsa Obbo Muusaatti, ulaan galaanaa birmadummaa biyyaa ta'uurra darbee ajandaa biyyota addunyaa erga ta'ee bubbuleera. Biyyootni gurguddoon addunyaa kanneen akka Ameerika, Raashiyaa, Chaayinaa, Faransaay, Turkiifi kanneen biroon ulaa galaanaaf jecha dorgommii cimaa taasisaa jiru.

Ta'us argama biyyootaa siyaasaan (geopolitics) Itoophiyaaf ulaan galaanaa barbaachisaa ta'uu eeranii; Itoophiyaan biyya koloneeffattoota Awurooppaan hin koloneeffatame ta'uu isheen walqabatee hulaa galaanaa dhabuun Itoophiyaa Afrikaanotaaf yaaddoo akka ta'uu ibsaniiru.

Nageenyaafi birmadummaan gaanfa Afrikaaf Itoophiyaan bu'uuradha jedhanii, guddina dinagdee Itoophiyaa ulaa galaanaatiin walqabatee dhufu hojiddhabdummaa xiqqeessuun godaansa Afrikaarraa gara ardii Awurooppaatti taasifamu hir'isuuf gumaacha olaanaa qaba jedhaniiru.

Ulaan galaanaa hariiroo biyyoolessaatiin walqabatee siyaasa, dinagdeefi birmadummaa biyyaa kabachiisuun dhiibbaa addunyaarratti uumuuf gumaacha olaanaa qabaachuu himanii; Itoophiyaan ulaa galaanaa akka qabaattuuf hayyootni seeraa ragaa jiru dhiyeessuun gumaacha isaanirraa eegamu ba'uu qabus jedhaniiru.



Obbo Muusaa Sheekoo

Keessumaa ulaa galaanaa ilaalchisuun waliigaltee Itoophiyaan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii waliin mallatteessite eenyu waliin akka mallattaa'ee fi mallattichi maal akka jedhu barreessanii ifa gochuu qabu.

Jijjiirama siyaasaa yeroo garagara gaggeeffamerra ka'uun Itoophiyaan ulaa galaanaa maleettii taateetti. Ta'us guyyicharraa eegalee waliigaltee sadarkaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti mallatteessite ifa baasuun ummatni Itoophiya mirga ittifayyadama ulaa galaanaa akka qabu hubachiisuun gahee hayyoota seeraa akka ta'e ibsaniiru.

Akkuma hidhi Laga Abbayyaa Itoophiyaa keessatti hojjetamaa jiru ummattoota gaanfa Afrikaa aadaafi amantaan walkeessa faca'ee jiraatuuf madda anniisaa ta'ee fayyaduuf hojjetamaa jiru isaanis ulaa galaanaa Itoophiyaan barbaadduuf haala mijeesuun dinagdeefi birmadummaa waloo cimsataniif waamicha dhiyeessaniiru.

"Qabeenya albuudaa..."

darbanii Mana Maree Ministeerota waliin Kibxata darbe taasisanirratti.

Guddinni dinagdee bara kana galmeessuuf yaadame kan bara darbeen yommuu walbira qabamu olaanaa waan ta'eef galma ga'iinsasaaf sirna to'annoofi hordoffii cimaa diriirsuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.

Gamaggama rawwii hojii guyyoota 100 kana xumuruun marii bal'aan erga adeemsifameen booda raawwiifi hojimaatni sadarka sadarkaan jiru hubachuuf gara naannoleettis imalli akka taasifamu ibsanii; sirna to'annoofi hordoffii jabaan ala guddina akka biyyaatti qabame mirkaneessuun rakkisaa ta'uu yaadachiisaniiru.

"Waraana adeemsifamaa jiru dabalatee sirna saamichaa..."

qarshii biliyoona 65 saamuun achi buuteesaa dhabamsiisaniiru.

Mootummaan jijjiiramaa dhaabbata kufe deebisee ijaaruu maddiitti qarshii namoota dhuunfaan qisaaseffame miixatee idaa kaffalaa jira. Sirni hannaafi saamichaa jabaan bara sana diriire dhalee kan darbe idaa maallaqaa qofa osoo hintaane, murni saamichaa biyya balleessuuf wixxirfatu hedduudha.

Odiitti dhaabbaticharratti taasifameen bara 2002 hanga bara 2012tti maallaqni qisaasame qarshii biliyoona 65 yoo ta'u, maallaqni kun waraqaarra malee eessa akka jiru dhabamuusaan ala idaa kana kaffaluunis humna dhaabbatichaa ol ta'uusaatiin idichi mootummaaf dhiyaatee akka haqamu taasifameera.

Ta'us dhaabbileen maallaqni kun irraa guurame hanga har'aatti akkuma himata

bananitti jiru. Namootni maallaqa kana qisaasessan kaan hidhamanii, kaan ammoo biyyaa ba'aniiru. Maallaqichis biyya biyyaa baafamuu yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, sirni ADWUI badus barumsa malee ragaa qabachuuf, filannoo malee humnaan aangoo qabachuuf, sababa saamichaaf waraana banuun, dhamaatii malee qaxxaamuraan duroomuuf carraaqiin taasifamu hundi sirna hamaa yeroo sana diriireefi hundeen hinbuqqanedha. Sababa malee fincila kaasuun galmisaa aangoo qabataniif biyya saamuudha. Maallaqa saamuun rakkoo tokko ta'ee ala kuufachuun rakkoo isa birooti.

Mootummaan jijjiiramaa kun dhimmoota hedduu gangalataa dhufaniifi ajandaa hattootni uumaniin malaammaltummaarratti haala barbaadameen xiyyeeffachuu dhabuu yaadachiisaniif; gochaafi ilaalchi hannaafi

saamichaa gabbachuun bifa aadaa ummata biyyattii hinmadaalleen har'a saamichi waajjiraalee keessaa qofa osoo hintaane hanniifi waliin dha'uun tilmaamaa ol ta'uu ibsaniiru.

Hannaafi saamicha madda rakkoo biyyattii ta'e kana maqsuun duula jabaan hawaasa bal'aa hirmaachise taasisuunis barbaachisaadha jedhaniiru.

Bara ADWUI seera olitti qarshii biliyoonaan lakkaa'amu namoota dhuunfaan kan itti qisaaseffamaa ture Korporeeshiniin Sibiilaa Itoophiyaa (METEC) jijjiiramaa as rifoormii haaraan maqaa Itiyoo-Injiniiringi Giruup jedhuun hojii eegaluu himanii; ammaan tana industiriiwwan konkolaataa warshaalan, tiraaktara omishan, maashinota ijaarsaafaa omishan sagaliifi warshaalee 30 ol qabatee ce'umsa teknoloojii finiinsaa jiraachuu dubbataniiru.

"Tattaaffiin nageenya waareessuuf taasifame salphaatti..."

akka jedhanitti, dhaabnisaniif waamicha nagaa mootummaan taasiseen qabsoo nagaa adeemsisuuf biyya seenus gartuu muraasni amma rakkoo uumaa jiru kun ajaja dhaabaa diduun bosona seene. Bakkeewwan qaamni kun socho'u hundatti waggoota shanan darban rakkoon hawaasummaafi dinagdee olaanaa ture. Ba'anii qotachuun, daldalanii horachuun akkasumas lubbuun jiraachuunuu daran yaadessaa ture.

Erga rakkoon nageenyaa lammiilee nagaa gaaga'aa jiru uumamee asis mootummaan gara bal'inaa rakkoo jiru karaa nagaan furuuf taasiseetti galateeffataniif; ammas taanaan mootummaan tattaaffii marii nagaa ittifufuu akka qabu dubbatu. Qaamni didee ammas yoo qabsoo karaa humnaa filata ta'ee ummata

bal'aa ijaaruu tarkaanfii olaantummaa seeraa fudhachuun fala isa dhumaa ta'uus ibsaniiru.

Ummatni burjaajii keessaa ba'ee nageenyasaa kabachiisuuf mootummaa cina hiriiru qaba jedhanii; mootummaanis walddhabii jiru karaa nagaan furuuf sochii hanga ammaatti taasiseef qabxiwwan ifaajjii nageenyaa kana fashaleessan kanneen gama Shanedhaan dhiyaaterratti hojii hubannoo uumuu bal'aa hojjechuu qabas jedhaniiru.

Dura Taa'aan Paartii Sooshaal Dimokraasii Pirofeesar Bayyanaa Pheexiroos gamasaaniin, mootummaan biyyattiitti nageenya waareessuuf karaa walakkaa ol deemuu himanii, ammas taanaan biyya daddaaqama siyaasaa keessaa baasuuf garaa bal'achuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Biyyattiitti rakkoo nageenyaa qofa osoo hintaane rakkoon bulchiinsa gaariifi malaammaltummaa ilaalchisee ummata biraa komii guddaan jiraachuu ibsanii; rakkooleen kanneen oolaniif bulaniif sababa rakkoo nageenyaa ta'uu waan danda'aniif mootummaan bakka rakkoon nageenyaa jiru qofa osoo hintaane bakka rakkoon bulchiinsa gaarii jirurrattis xiyyeeffachuu akka qabu dhaamaniiru. Keessattuu malaammaltummaan ummata hiraarsaa jiru furmaata argachuu akka qabuufi mootummaanis hunda dura golasa qulqulleffachuu akka qabus himaniiru.

Biyya kanatti aadaan afaan qawween aangoo qabachuu naannoo bira darbee mandaratti gad bu'aa jira kan jedhan hayyuun kun;

Itoophiyaan biyya qaamni qawwee kaase hundi salphaatti itti milkaa'u ta'uu baatus gufuu misoomaafi nageenyaa waan ta'uuf tarkaanfii seeraa cinatti aadaa waliin dubbii gabbisuun barbaachisaa ta'uu eeraniiru.

Rakkoon nageenyaa erga gabbatee booda dhabamsiisuun gatii guddaa biyya kaffalchiisa jedhanii; kanaan booda rakkoon bakka kamittuu mudatu hunda osoo hintuffatin xobbeetti furuun barbaachisaa akka ta'ee qabsoon afaan qawwee biyya hangam hubaa akka jiru ummata barsiisuun hundarraa akka eegamu dhaamaniiru.

Akka Pirofeesar Bayyanaatti, mootummaan qaama kamuu caalaa humna waan qabuuf rakkoon humna mootummaan olii hinjiru.



BARIISAA



Fiigichi Maaraatoonii Riilee 19ffaa har'a Magaalaa Maqaleetti gaggeeffama

Dajanee Bulchaatiin

Finfinnee: Fiigichi Maaraatoonii Riilee 19ffaan har'a Magaalaa Maqaleetti akka gaggeeffamu Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa beeksise. Yaa'iin waliigalaa federeeshiniichaa 27faanis ni gaggeeffama.

Hogganaan waajjira federeeshiniichaa, Obbo Yohaannis Ingidaa dorgommii kanarratti atileetonni kilabootaafi naannolee bakka bu'an akka hirmaatan himanii, dorgommicharratti atileetonni ja'a kilabii ykn naannoo tokko

irraa kan hirmaatan ta'uus ibsaniiru.

Dorgomtoota korniyaa lamaaninuu injifataniifis sadarkaa tokkoffaaf badhaasni qarshii kuma 40, sadarkaa 2ffaaf qarshii kuma 20, sadarkaa 3ffaaf ammoo qarshii kuma 15 qophaa'uus eeraniiru.

Maraatoonni Riilee Itoophiyaa 18ffaa bara 2015 gageeffameefi yaa'iin waliigalaa waggaa Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa magaalaa Samaraatti gaggeeffamuun ni yaadatama.

Fiigicha dubartootaa meetira kuma 5 irratti rikoordii atileet Gudaaf Tsaggaayeen cabsite raggaasifame

Dajanee Bulchaatiin



Dorgommii Daayimandii Liigii Ameerikaa Iwuujinitti gaggeeffameen; Atileet Gudaaf Tsaggaayee dorgommii meetira kuma 5 dubartootaatiin rikoordii addunyaa cabsuun injifachuunshee niyaadatama. Atileet Gudaaf fiigicha meetira kuma 5 dubartootaa daqiiqaa 14f sekondii 00 fi maayikiroo sekoondii 21n xumuruuni rikoordii addunyaa kan cabsite. Akka ragaan Atileetiksii Addunyaa ibsutti; Rikoordii addunyaa atileet Gudaaf fageenyichaan galmeessiste mirkanaa'uun isaa ibsamee jira.

"Federeeshiniin Biskileetii magaalaa Jimmaa hundaa'e seenaa Jimmaa kan haareessuudha"

- Obbo Ahmad Abbaamacca

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Ga'umsa ispoortii biskileetiitiin magaalaa Jimmaa seenaa keessatti qabdu deebisuuf Federeeshiniin Biskileetii Magaalaa Jimmaa hundaa'uu Waajjirri Dargaggootaafi Ispoortii Magaalaa Jimmaa beeksisan.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Ahmad Abbaamacca ibsa addatti Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, magaalaa Jimmaa bara 60moota keessaa kaasee ispoortii biskileetiitiin beekamaadha. Haata'utii deemsa keessa xiyyeeffannoon kennamu laafaa dhufera. Ga'umsa ture deebisuuf ispoortii biskileetii irra deebiin hundeessuu akka barbaachisu murtaa'e.

Haaluma kanaan Federeeshinii Biskileetii Magaalaa Jimmaa pirezidaantiidhaan hogganamu hundeessuu eeranii, seenaan magaalatti duraanii haara'ee misoomni ispoortii biskileetii addaan citee ture bakkatti akka deebi'u hojjetamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Misoomni ispoortii biskileetii kun korniyaan akka hindaangofneef dadammaqinsa taasisaa jiraachuu himanii, hundeessuu Federeeshinii Biskileetii Magaalaa Jimmaa sababeeffachuunis dorgommiin biskileetii akka magaalichaatti gaggeeffamuu ibsaniiru.

Sochiin misooma ispoortii biskileetii kun akka milkaa'uuf deggarsa mootummaa qofa gahaa miti kan jedhan Obbo Ahmad,



hawaasni jaalala ispoortii biskileetiitiin quuqamasaa qabu biyya alaafi keessa jiru deggarsa barbaachisu akka taasisuu dhaamaniiru.

Sochii amma misooma ispoortii biskileetiitiin jalqabaniin magaalaa Jimmaa sadarkaa addunyaatti dorgomtoota maqaa biyyasaanii waamsisan horachuu akka dandeessu himanii, magaalaa Jimmaa Federeeshinii Biskileetii Magaalaa Jimmaa hundeessuun ala sochiin misooma ispoortii waliigalaa akka cimuu xiyyeeffannoo kennee hojjetaa jiraachuu dubbatu.

Keessumaa guddattoota ispoortii garagaraatiin maqaa biyyasaanii waamsisuu danda'an horachuuf leenjistoota ga'umsa qaban ramaduun dhaloota ispoortii garaaraan ijaarame babal'isaa akka jiranis beeksisaniiru. Hawaasni kana beekke ispoortii xiyyeeffannoo akka kennus dhaamaniiru.

Barnoonni cabe, fayyaan weerara busaan gaaga'ame Oromiyaatti maalirra jira?...

suphaa teekniikii warshaaluu taasifameen qarshiin baasii kanaaf oolu biliyoona 1.7 baraameera.

Bariisaa: Rakkoo hanqina ogeeyyota fayyaa mudataa jiru furuuf tarkaanfiin fudhatamaa jiru maal fakkaata?

Obbo Abdulhakiim: Rakkoo gama kanaan jiru furuuf mindeessi ogeeyyotaa jechuunis kan barsiisotaafi kan ogeeyyota fayyaa yoomiyyuu nigaggeeffama. Ta'us hanqinoonni inumajiru. Hanqina kana furuuf ammas ittuma deemaa jirra.

Bariisaa: Pirojektonni fayyaa gara garaa eegalamanii addaan citan jiru. Fakkeenyaaf Hospitaalli Sabbataa waggoota lakkoofsise amma maalirra jira?

Obbo Abdulhakiim: Hospitaalli Sabbataa jalqabumarraa rakkoo keessa kan tureedha. Kanamalees ijaarsisaa rakkoo qulqulinaa qabaachuurra darbee sadarkaa gamoo kan eeggate waan hintaaneef akka addaan citu ta'eera.

Ta'us ijaaramuun hospitaalichaa hawaasaaf murteessaa waan ta'eef toora xiyyeeffannoo taa'e hordofuun maddiisaatti gamoon abbaa darbii afurii akka ijaaramu taasifamuun yeroo ammaatti ijaarsisaa xumuramaa jira.

Pirojektota waliigalaa akka Kilaastara Hawaasummaatti jiran 743 keessaa 644 haala gaariirra jiru. Kanneen keessaa pirojektonni 55 harkifannaa keessa jiru. Kanaaf sababni

rakkoolee kontrakterootaafi nageenyaan kan walqabataniidha.

Haata'utii pirojektonni jalqabaman marti yeroo qabameef keessatti xumuramanii yeruma tokko eebbifamanii tajaajila akka jalqabaniif toorri xiyyeeffannoo kaa'amee hojjetamaa jira.

Bariisaa: Kilaastara Hawaasummaa dhimma afaaniirraatti abbummaan hojjeta. Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa taasisuuf sadarkaa federaalaatti hojjeen gara garaa hojjetamaa jiru. Sochiin kun sadarkaa naannooti maalirra jira?

Obbo Abdulhakiim: Afaan Oromoo afaan hojii federalaa qofa miti afaan sadarkaa Afrikaatti bakka guddaa qabuudha. Kun akka milkaa'uuf sochiin sadarkaa federaalaatti jiru akkuma jirutti ta'e sadarkaa naannooti misoomni manneen barnootaa naannolee gidduutti akka babal'atu taasifamaa jira. Kun jalqabbii gaarii kutaalee hawaasaa Oromoon ala ollaa Oromiyaa jiranillee kan fayyaduudha.

Yeroo ammaattis manneen barnootaa Afaan Oromoo naannolee Afaan, Beenishaangul Gumuz, Gaambeellaa, Somaaleefi bakkeewwan gara garaatti babal'ataa jiru. Kan agarsiistuu tokko.

Qorannoowwan gara garaa 60 ol hojjetamaa jiru. Dhaloonnis kana hubatee miira kan kooti jedhuun afaansaa guddifachuufi waalteffachuuf irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Mootummaanis cichoominan irratti hojjetaa jira. Jalqabbii kanaan dura tureenis milkaa'inoota gara garaa galmeessiseera. Kunis dhiyootti dhugooma.

Bariisaa: Dhimmi Dargaggoo dhimmoota Oromiyaa keessatti xiyyeeffannoo barbaadaniidha. Dargaggoonni yoo seeraan qabaman humna omishaati. Yoo haalaan qabamuu baatan ammoo faallaa kanaa ta'u. Kanaaf dargaggoo omishaawaafi misoomawaa horachuuf maaltu hojjetamaa jira?

Obbo Abdulhakiim: Ummata Oromoo miliyoona 50 ol keessaa dhibbantaan 75 dargaggoota. Dargaggoonni kunniin yoo sirnaan qabaman humna omishaa ta'u. Ta'uu baannaan humna badii ta'uun waan oolu miti.

Haata'utii dargaggoonni keenya meeshaa badii akka hintaane aadaan hojii uumuu akka gabbatu, ijaarsa dandeettiin akka cimaa, bakka oolmaafi bashannanaa akka qabaatan hojii guddaa hojjetamaa jira.

Dargaggoonni keenya biyyaa ba'anii hiraarsaa jireenya biyya ornaaf akka hinsaaxilamne deeggarsawwa gara garaa taasisuun biyyuma ofii keessatti dinagdeedhaan akka cimaniifi yaadaan bilchaatan taasisaa jira.

Haata'utii hojii gama kanaan hojjetamaa jiru gahaa waan hintaaneef ammas humnaafi beekumsa qabeenya uumamaa qabnutti fayyadamuun dargaggoo misoomawaafi omishaa

ta'e horachuuf mootummaan xiyyeeffannoo olaanaa kennee hojjetaa jira.

Bariisaa: Oromiyaa, kilaastara hawaasummaatiin ijaaruun gahee mootummaa qofa otoo hintaane kutaalee hawaasaa hunda kan gaafatudha. Kanaaf eenyurraa maaltu eegama jettu?

Obbo Abdulhakiim: Jalqaba nagaan buusuun gahee hunda keenyaati. Qaamni qawwee kaasee waraana filannoo godhatu kamuu caalmaa yaadaatti amanuu qaba.

Caalmaan yaadaammoo ilaafi ilaameedhaan kan gaggeeffamudha. Haata'utii aangoon waldhiigsaafi walgufachiisaa argamu akkasumas jijjiiramni hawaasaa dhufu hinjiru.

Kanaafuu, waldhabdee gara marii yaadaatti fiduun nurraa eegama. Misoomawwan hawaasaa mootummaan taasisaa jiru maddiitti tumsi abbootii qabeenyaa, diyaaspooraawwaniifi dhaabbilee gara garaa murteessaa waan ta'eef waliin dhaabannee Oromiyaa badhaateefi lalistuu dhaloota dhufuuf dabarsuuf harka walqabannee hojjechuun nurraa eegama.

Bariisaa: Yeroo keessan qaalii aarsaa gootanii ibsa bal'aa nuu kennaniif galatoomaa.

Obbo Abdulhakiim: Isinis sochii kilaastara Hawaasummaa itti jiru sakattaanii hawaasaan ga'uuf deeggarsa ogummaa taasisaniif galtoomaa, Horaa Bulaa, Deebanaa!